HAALA DHIYEESSA CAASAALEE DHAAMSAGAA -HIMAATTI JIRAN:

KITAABAA KUTAALEE 11FFAAFI 12FFAA KEESSATTI

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)

TASHOOMEE NAGAASH MALATAA

HAGAYYA, 2019

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA, HARAMAAYAA

Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jiran: Kitaaba Kutaalee 11ffaafi 112ffaa Keessatti

Qorannoo Barnoota Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoo,

Ogumaafi Qunnamtiif Kan Dhiyaate

Daarektoreeta Sagantaa Barnoota Digirii Lammaffaa

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA

Ulaagaa Itti Guuttannaa Gar-Tokkee Barnoota Digirii Lammaffaa

AFAAN OROMOOFI OGUMA BARSIISUUTIIN

Tashoomee Nagaash Malataa

Hagayya, 2019

Yuunivarsiitii Haramaayaa, Haramaayaa

DAAREKTOREETA SAGANTAA BARNOOTA DIGIRII LAMMAFFAA

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA.

Waraqaa qorannoo barataa **Tashoomee Nagaash mata duree Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jiran: Kitaaba Kutaalee 11ffaafi 112ffaa Keessatti** jedhu irratti geggeessummaa koo jalatti hojjechaa ture dubbisee madaaleera. Kanaaf, unka waraqaa qorannoo sagantaa digirii duraan boodaa waan guutee jiruuf akka inni dhiyeessuuf yaada kenneera.

_____	_____	_____
Maqaa Gorsaa Ijoo	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Maqaa Gorsaa Gargaaraa	Mallattoo	Guyya

Akka miseensa boordii qortoota Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa (MA)tti, waraqaa qorannoo barataa Tashoomee Nagaashiin qophaa'e dubbisee madaaleera. Akka kootti waraqaan kun uunka waraqaa qorannoo Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa Afaan Oromoofi Oguma Barsiisuutiin ni guuta jedhee mirkaneesseera.

_____	_____	_____
Walitti Qabaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Qoraa Keessaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Qoraa Alaa	Mallattoo	Guyyaa

IBSA QORATICHAA

Waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta'eefi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uusaafi wabiileee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo akka armaan gadii kanatti mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa: Tashoomee Nagaash

Bakka: Yuunivarsiitii Haaramaayaa, Haaramaayaa

Guyyaa _____

Mallattoo _____

GALATA

Duraan dursee gorsaa koo Gargaaraa Prosooferaa Mommaad Abdoo qorannoo kanarratti jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti nuffe, dadhabe osoo hin jedhiin gorsaafi deeggarsa adda addaa naaf taasisaniif galatni koo dachaa, dachaadha. Dabalataanis, gargaaraa gorsaa koo kan ta'an Imaanaa Bayyanaa (PhD) gorsaafi deeggarsa adda addaa naaf taasisaniif galatni koo guddaadha.

Itti aansuunis qindeessaa Mana Barumsaa Qophaa'inaa Atinaagoo barsiisaa Kaasuu Makuri'aa deeggarsa meeshaalee barreeffamaa garaagaraa naaf taasisaniif osoon hingalateeffatiin bira hintaru. Dabalataanis, barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Qophaa'inaa Atinaagoo deeggarsa naaf taasisan hundaaf guddaan galateeffadha.

Baafata

Qabiyyeewwan **Fuula**

IBSA QORATICHAA **iii**

GALATA **v**

IBSA GABATEEWWANII **viii**

AXEREERAA **ix**

1. SEENSA **2**

1.1. Seenduubee Qorannichaa 2

1.2. Ka'umsa Qorannichaa 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa 4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo 4

1.3.2. Kaayyoo Gooree 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa 5

1.5. Daangaa Qorannichaa 5

1.6. Hanqina Qorannichaa 6

2. SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMANII **7**

2.1. Maalummaa Sagalee Dubbii 7

2.2. Gosoota Sagaleewwan Dubbii 7

2.3. Gosoota Dhamsagoota Afaan Oromoo 7

2.3.1. Dhamsagoota Dubbifamtoota 7

2.3.2. Dhaamsagoota Dubbachiiftotaa 8

2.4. Dhamjecha 8

2.5. Maalummaa jechaa 8

2.6. Faayidaa jechaa 9

2.7. Uumama Jechoota Afaan Oromoo 10

2.8. Hima 10

2.9.Akkaataa Dhiyaannaa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Kitaaba Barataa Keessatti 11

2.10.Faayidaa Dhaamsagaa –Himaatti Kitaaba Barataa Keessatti Dhiyeessuun Qabu 12

2.11. Seerota Qophii Kitaaba Barnoota Afaanii Caasaalee Dhaamsagaa- Himaaa Irratti 13

2.12. Ulaagaalee Madaallii Kitaaba Barnoota Afaanii 15

Itti fufa…

3. XIINMALA QORANNICHAA **19**

3.1. Ibsa Kitaabilee Qorannoof Filatamanii 19

3.2. Saxaxa Qorannichaa 19

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu 19

3.4. Madda Odeeffannoo 21

3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee 21

3.6. Mala Xiinxala Ragaalee 22

4. DIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE **27**

4.1. Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Kutaalee 11ffaa Keessatti 27

4.2. Qaaccessa Deddeebii Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Kutaalee 11ffaa 28

4.3. Dhiyaannaa Dhaamsagaa –Himaatti Jiran Kutaa 12ffaa Keessatti 31

4.4. Qaaccessa Deddeebii Qabiyyee Dhaamsagaa –Himaatti kutaa 12ffaa Keessatti 42

5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO **47**

5.1. Cuunfaa 47

5.2.Argannoowwan Qorannichaa 48

5.3. Yaboo 48

WABIILEE **49**

DABALLEE A **54**

DABALLEE B **55**

DABALEE C **57**

IBSA GABATEEWWANII

Gabateewwan **Fuula**

Gabatee 1. Diyaannaa Qabiyyee Xiinsagaa 27

Gabatee 2. Dhiyaannaa Qabiyyee Xiin dhaamjechaa 23

Gabatee 3. Dhiyaannaa Qabiyyee Xiinjechaa 24

Gabatee 4. Dhiyaannaa Qabiyyee Xiinhimaa 26

Gabatee 5. Qabiyyee Xiinsagaa Baay'ina Irra Deddeebiitiin 28

Gabatee 6. Qabiyyee Xiinjecha Baay'ina Irra Deddeebiitiin 28

Gabatee 8. Dhiyaannaa Gabatee Sagaalee 31

Gabatee 9. Haala Dhiyaannaa Qabiyyee Dhaamjechaa 33

Gabatee 10. Shaakala Dhaamjechaa 34

Gabatee 11. Dhiyaannaa Qabiyyee Xiinjechaa 35

Gabatee 12. Dhiyaannaa Qabiyyee Xiinhimaa 39

Gabatee 13. Qabiyyee Sagaleefi Dhaamsaga Baay'ina Irradeddeebiitiin 42

Gabatee 14. Qabiyyee Dhaamsagootaafi Dhaamjechootaa baay'ina irra Deddeebiitiin 43

Gabatee 15. Qabiyyee Jechaa Baay'ina Irra Deddeebiitiin 43

Gabatee 16. Qabiyyee Himaa Baay'ina Irra Deddeebiitiin 44

HAALA DHIYEESSA CAASAALEE DHAAMSAGAA –HIMAATTI JIRAN: KITAABA KUTAALEE 11FFAAFI 112FFAA KEESSATTI

AXEREERAA

Kaayyoon qorannoo kanaa Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Kitaaba Kutaalee 11ffaafi 112ffaa Keessatti kanneen bara 2005'n qophaa'e sakatta'uudha. Qorannichaaf wanti ka'umsa ta'e hanqina Haala Dhiyeessa Caasaalee olitti heeraman Keessatti dogoora gama dhiyaannaan mul'atan adda baasuufi furmaata ka'uudha. Qorataanis, yeroo Afaan Oromoo barachaa ture Haala Dhiyeessa Caasaalee kanneen duraan irratti gaaffiilee qorataan kaasaa ture. Yeroo qorataan afaanicha barsiisaa jiru kanattis deebii argachuu dhabuu isaaniiti. Qorataan hanqinoota haala dhiyeessa xiinqooqaa addaan baasee yaada furmaataa kennuuf. Qorannichis, gosa qorannoo ibsaatiin kan dhiyaate ta'ee, mala akkamtaan ibsameera. Akkasumas, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaafi silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa akka iddattootti, mala iddateessuu miti carraa keessaa iddatteessuu akkayyoo fayyadameera. Malleen odeeffannoon ittiin funaaname sakatta'iinsa harshammeen: kitaaba barataa irratti taasifameedha. Odeeffannoon sakatta'insa meeshaaleen argame, mala akkamtaan qaacceeffamanii jiru. Qabiyyeen Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani kitaaba barattootaa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti dhiyaate haala dhiyeessaa bu'aan kan dhiyaate yemmuu ta'u, qabiyyeen xiinqooqaa dhiyaates, kitaaba barattootaa keessatti mala seerluga barsiisuu keessaa mala gadbuusoodha. Dabalataanis, haalli dhiyeessa qabiyyee Caasaalee dhaamsagaa-himaatti Afaan Oromoo kitaaba barattootaa kutaalee 11ffaafi 12ffaa akka ciminaatti shaakala keessatti bakka uumama sagalee dubbifamaafi dubbachiiftuu fakkii deggeree dhiyeessuu isaa yemmuu ta'u, hanqinoota kanneen akka tartiibaa, irradeddeebbii, mijaa'inaa, giddu galeessummaa, sirrummaa fi mala seerluga barsiisuu keessaa gabbisootti fayyadamuu akka qabu qorannoo kanaan mirkanaa'eera. Dabalataanis, qopheessitootni kitaaba barattootaafi qaamni dhimmi isaa ilaallatu hundi haala dhiyeessa qabiyyee xiinqooqa Afaan Oromoo qixa barbaachisaa ta'een akka barattootaafis mijatuufi seerluga Afaan Oromoos guddisuu danda'uun kitaabni barattootaa kutaa 11ffaafi 12ffaa akka qophaa'uuf irratti hojjechuu akka qaban lafa kaa'eera. Haalli dhiyeessa Caasaalee dhaamsagaa-himaatti yaada salphaarraa gara cimaatti akka hin dhiyaatiin bira ga'ameera. Kanneen Kitaaba Barataa, Qajeelcha Barsiisaafi Silabasii barnootaa qopheessan haala dhiyeessa qabiyyee Caasaalee dhaamsagaa-himaatti barnootaa Afaan Oromoo haala dhiyeessa adda addaan qopheessuutu irraa eegama. Kitaaba barataa keessatti qabiyyee of danda'e ta'ee osoo dhiyaatee gaariidha.

1. SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan Oromoo afaanoota bal'inaan Afrikaa keessatti dubbataman keessaa isa tokko. Afaan Oromoo baay'ina namoota dubbataniin Afaanota Arabaafi Hawusaatti aanee Afrikaa keessatti sadarkaa sadaffaarratti argama (Mahdi, 1995). Afaan Oromoo maatii, sanyii Afaanoota kuush (Cushitic language) keessaa isa tokko ta'ee, biyyoota kaaba baha Afrikaa keessatti argaman keessaa Itoophiyaa, Keeniyaafi Sumaaliyaa keessatti bal'inaan dubbatama. Itoophiyaa keessatti ummata miliyoona soddoma afaan itti hiikkataniifi ummanni miliyoona saddeet ta'an immoo, akka afaan lammaffaafi afaan sadaffaatti bal'inaan itti tajaajilamu. (Tamene, 2000;Asaffaa, 2009; Mahdi, 1995) Baay'inni ummata Afaan Oromoo dubbatuu Itoophiyaa keessatti sadarkaa duraatti argama (Abdulsamad, 1994). Afaan Oromoo biyyoota Afrikaa heddu keessattiifi biyya Itoophiyaa keessatti ummata miliyoonaan lakkaa'amaniin kan dubbatamu ta'ullee, baroota dheeraadhaaf sirnoota darban keessatti afaan barnootaa, afaan hojii, afaan ogbarruu, afaan sabquunnamtii hin taa'iin tureera. (Abdulsamad, 1994; Asafa, 2009; Tamene, 2000; Mahdi, 1995) Afaan tokko immoo, guddachuufi jiraachuun isaa kan beekamu qubee mataasaa qabaatee qubeen sunis kan waalta'e yoo ta'edha. Akkasumas, afaan waalta'aa yoo qabaateefi dubbattoota isaa biratti fudhatama yoo argateedha. Afaan qubee mataasaa qabu wabii qaba. Qubeen immoo afaan tokko akka waalta'uuf wantoota gargaaran keessaa isa tokko. Dabalataan, afaanichaan caalaatti barreessuufi maalummaa afaanichaa qorachuuf caasaa guddaa qaba (Asafa, 2009). Seenaan qo'annoo afaanii immoo, kan eegalee nama "Peniinii" jedhamuun Hindii keessatti yoo ta'u, jaarraa 5ffaa keessaa seera xinjecha Afaan saaniskiriitiin irratti (Stern, 1983). Sana booda, biyyoota dhihaa keessatti guddina saayinsiitiin walqabatee jaarraan 20ffaa keessa qorannoon afaanotaa akka saayinsii afaan tokootti roga qabsiisuuf yaaliin taasifamee ture (stern, 1983; Mc Carthy, 2001). Haaluma wal-fakkaatuun, xiinqooqni akka damee barnoota tokkootti dhaabbatee, baratamuufi barsiifamuu kan eegale jaarruuma 20ffaa keessa ture (stern, 1983; Lyons, 1981). Xiinqooqni saayinsii afaanii ta'ee, afaanota addunyaa sagaleerraa kaasee hanga hiikaatti kan qoratuufi kana bira darbee beekumsaawwan biroo waliin walitti dhufeenya qabu dameewwan isaa adda addaatiin kan qoratuudha. Kunneen immoo, akka waliigalaattii yoo ilaalaman kanneen akka itti fayyadama afaanii, ijaarsa jechootaa, seera afaanii kan of keessatti qabatuudha. Innis, xinjecha, xinsaga, xinhimaa fi xinhiika of keessaatti hammata. Kanneen keessaa qorannoo akkaataa ijaarsa jechoota afaan tokkoo irratti kan xiyyeeffatu xinjecha afaan sanaa kan

ilaaluudha. (Lyons, 1981; Mc Carty,2001). Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti kan jiran damee xinqooqaa keessaa isa tokko ta'anii, Xiyyeeffannaan yaadiddama kanaa immoo, haala hawaasni afaan sana dubbatu eeguu qabu kan ibsuudha. Kaayyoon qorannoo Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti afaan tokkoo, caasaa keessatti qaban adda baasuun kan xiinxaluudha. Kunis, Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti afaan tokko keessa jiran bu'uureffachuun Caasaalee Dhaamsagaa –Himaa adda addaa hedduu ijaaruun itti danda'amu xiinxala. Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti kana ijaaruufi kan ijaarames hubachuuf immoo, akkaataa dubbataan afaanichaa itti gargaaramu bu'uureffachuun bu'aa guddaa qaba. Afaan tokko hiika qabeesssaa ta'ee ergaa guutuu akka dabarsuuf sagaleewwan dubbii afaanicha sanaan jechoota ijaaruudhaan seerluga afaanichaa agarsiisuudha. (Anderson, 1992). Afaan tokko akka waliigalaatti mataasaa danda'ee sadarkaa sagaleerraa hanga hiikaatti haala ittiin dhiyaatu qabaachuu qaba. Qindoominni dhiyaannaa afaanichaas ta'ee, akkaataan ijaarsa jechoota afaanichaa galma ga'iinsa sagantaa barnoota afaan sanaaf gahee guddaa qaba. Sagaleewwanis seera afaan tokkoo eeganii wal-duraa duubaan walitti aananii qindaa'anii yoo ijaarraman malee, ergaa hiika qabeessa ta'e dabarsuu hindanda'an. Kunis, kan mul'isu haalli Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti afaan tokko keessatti argaman itti ijaaramanii tajajilaaf oolan kan afaan gara biraatiin adda ta'uusaati. Innis, kallattiin haala qaacceessaafi qorannoo Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti afaan tokkoo kan ilaallatudha (Stern, 1983; Lyons, 1981). Akkuma seensa kana keessatti ibsametti, qaama xinqooqaa keessaa isa tokko ta'ee, akkaataa uunkaan Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti adda addaa afaan tokko keessatti argaman itti ijaaraman adda baasee kan qoratuufi xiinxaaluun dhiyeessuu, kun immoo, uunkaa ijaarsa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti sagantaa barnootaafi kitaabilee barnootaa keessatti dhiyaatan tooftaa ittiin qophaa'uu qabu (Sharma and Tuteja,2005;Radford,et al, 1999). Qorannoon kun dhiyaannaa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11ffaa fi 12ffaa bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan qaacceessee kan dhiyeessudha. Akkasumas, hanqinaalee ijaarsa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan addaa baasuun dhiyeessa.

Waluumaa galatti Qorannoon kun akkaataa hunkaan caasaalee dhaamsagaa-himaatti jiran addaa addaa afaan tokko keessatti argaman itti ijaaraman adda baasee kan qoratuufi xiinxaluun dhiyeessudha.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon kun Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Kitaaba Kutaalee 11ffaafi 112ffaa Keessaa sakatta'uun rakkoolee mul'atan addaan baasee furmaata kan kaa'edha. Qorannoo kana gaggeessuuf kan qorataa kakaases muuxannoo qorataan rakkoowwan dogoggora gama haala dhiyeessa Caasaalee dhaamsagaa-himaatti barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti barsiifamaa jiran irratti qabudha. Kanarraan kan ka'e, afaanicha barachuus ta'ee afaanichaan barsiisuurratti rakkoon jiraachuu jira. Rakkoon kunis, rakkoo gama haala dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaa kitaabilee filataman kanneen keessatti mal'atudha. Afaan Oromoo, kan mata dureen qorannoo kana keessatti haammatamu kun ammoo caacculee Afaan Oromoo dhamsaga, jecha, himafi hiikaa haammata. Caacculee afaanichaa kunneen keessaas murtaa'inaan mata dureen waraqaa qorannoo kanaa haala dhiyeessa Caasaalee dhaamsagaa-himaatti barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessaa sakatta'ame.

Duulaa Dilboo (2008) mata duree " Qaaccessa dhaamjechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa kutaa 12ffaa" jedhu irratti qorannoo geggeessee jira. Kaayyoo qorannoo isaa Hanqinaalee gama dhiyeessa dhaamjechaan mul'tan adda baasuufi akkamitti akka dhiyaachuu qaban furmaata waliin dhiyeessuudha. Argannoon qorannoo isaa KB kutaa12 haala dhiyeessa dhaamjechootaa irratti hanqina qabaachuu isaa ibseera.

Shifarraw Balaay (2009)"Xiinxala Caasaa Himaa Kitaaba Barataa Kutaa 11ffaa Caasluuga Afaan Oromoo Jiildii 1, Furtuufi Tuujuba Jedhu keessatti" mata duree jedhu irratti kan qorannoo adeemsisedha. Kaayyoon isaa akkaataa hojiirra oolmaa caasaa himaa Kitaabilee wabiifi Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa xiinxaluun ibsuu yoo ta'u, argannoon isaa, akkaataa dhiyeenya caasaa kitaabilee wabiifi barnootaa keessatti irra caalaa garaagarummaa akka qaban bira ga'eera.

Bushaa Qanaasaa (2008) mata duree "Haala Dhiyeenya Qabiyyee Gaalee Afaan Oromoo Kitaaba Barattootaa kutaa11ffaafi 12ffaa Mala kutaa Keessatti Ittiin Barsiifamu Waliin: " kan jedhu ta'ee, Kaayyoon isaa Haala dhiyeenya qabiyyee gaalee Afaan Oromoo kitaaba barattootaa kutaalee 11ffaafi 12ffaa mala kutaa keessatti barsiifamu waliin xiinxaluu ta'ee, Argannoon isaa Haalli dhiyeessa qabiyyee gaalee hanqina akka qabuufi malli kutaa keessatti ittiin barsiisafamu rakkoo akka qabu ibseera.

Walfakkeenyi qorannoowwan armaan olii qorannoo kana waliin qaban, dameewwan xiinqooqaa irratti xiyyeeffachuudha. Qorannoowwan armaan olitti eeraman kunniin keessaa kan “Haala Dhiyeenya Qabiyyee Gaalee Afaan Oromoo Kitaaba Barattootaa kutaa11ffaafi 12ffaa Mala kutaa Keessatti Ittiin Barsiifamu Waliin: jedhu irratti mala qaaccessa ragaalee makaa gargaaramee kan hojjetamedha. Kannee Qaaccessa dhaamjechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa kutaa 12ffaa" jedhu irratti mala qaaccessa ragaalee akkamtaa gargaaramuun kan hojjetamedha. Xiinxala Caasaa Himaa Kitaaba Barataa Kutaa 11ffaa Caasluuga Afaan Oromoo Jiildii 1, Furtuufi Tuujuba Jedhu irratti mala qaaccessa ragaalee waliin madaalawaa gargaaramuun kan hojjetamedha. Akka qorannoowwan kunniin ibsanutti haala dhiyeessa xiinqooqa barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa irratti kan xiyyeeffate hin jiru.

Qorannoo kanas warra armaan oliirraa kan adda isa taasise, Haala dhiyeessa Caasaalee dhaamsagaa-himaatti Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti: jedhu irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaati. Kana malees qorannoowwan hanga ammaatti hojjetaman keessaa haala dhiyeessa Caasaalee dhaamsagaa-himaatti kan ibse hinjiru. Qorannoon kunis qaawwaa kana duuchuu irratti kan kaayyeefate waan ta'eef. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf gaafannoon bu’uura qorannoo kana keessatti deebii argatu jedhamanii yaadaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

1. Caasaalee Dhaamsagaa –Himaa barnoota Afaan Oromoo kitaabilee heeraman keessatti haala kamiin dhiyaate?
2. Ciminni haala dhiyeessa qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa –Himaa kitaabilee heeraman keessatti maal fakkaata?
3. Hanqinni haala dhiyeessa qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa –Himaa kitaabilee heeraman keessatti maal fakkaata?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Kitaaba Kitaaba Kutaa 11ffaafi 112ffaa Keessatti sakatta'uun ibsuufi.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa yaada kaayyoo gooroo armaan olitti taa’e bu’uureffachuun kanneen armaan gadiitiif deebii kennuuf yaalii godha.

1. Caasaalee Dhaamsagaa –Himaa barnoota Afaan Oromoo kitaabilee heeraman keessa jiru akkamitti akka dhiyaate adda baasu.
2. Cimina haala Caasaalee Dhaamsagaa –Himaa barnoota Afaan Oromoo kitaabilee heeraman keessa adda baasuu.
3. Hanqina haala dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaa barnoota Afaan Oromoo kitaabilee heeraman adda baasuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Bu’aa qorannoo kanatti namoonni garee garaagaraa gargaaramuu danda'u. Bu’aan argamuu danda’u kunis kallattii garaa garaan ta’uu ni mala. Haaluma kanaan jalqabarratti barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniif qorannoon kun haala dhiyeessa qabiyye xinqooqa Afaan Oromoo irratti rakkoolee mul’atan adda baasuun furmaata waan kennuuf barsiisotni rakkoolee kunneen hubachuun qophii barbaachisaa ta’e akka godhaniif isaan gargaara. Akkasumas, qorannoon kun barattoota kutaalee 11ffaafi 12ffaa barataniif rakkoon haala dhiyeessa qabiyyee xinqooqa Afaan Oromoo irratti mul'atu kallattiin waan barataa miidhuu danda’uuf bu’aa qorannoo kanaarraa fayyadamoo ni ta’u. Akkasumas mana maxxansaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa bu'uura ni ta'a. Dhumarrattis, namoota gara fuulduraatti mata duree kanarratti qorannoo gaggeessaniif ka’umsa guddaa uumuurrattis akka madda odeeffannootti gargaaramuufis barbaachisummaa ni qabaata.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa kan bara 2005 maxxanfame irratti gaggeeffame. Osoo kitaaba barattootaa kutaalee 9ffaafi 10ffaa dabalate ta’e amanamummaa qorannoo kanaaf baay'ee olaanaa ture. Haa ta’u malee, yeroofi baasii guddaa waan barbaaduuf xiyyeeffannoon qorannoo kanaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa irratti qofa ta'e. Sababni isaa kitaabileen barataa kun hanqina Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Kitaaba Kitaaba Kutaa 11ffaafi 112ffaa Keessatti waan qabaniifi. Kanaaf daaangaan qabiyyee qorannoo kanaa haala

Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti dhiyaate irratti qofa kan daanga'edha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorataan, qorannoo isaa guutuu taasisuuf wanta isarraa eegamu hunda murannoon raawwateera. Haaluma kanaan, qorannoo kana geggeessuu keessatti hanqinni yeroo yoo jiraateyyu qorannicha gufachiisuu hindandeenye. Hanqinni qorannoo kana keessatti qabata bakka hojiin walqabateen mul'atu rakkoo kitaaba wabii argachuu dhabuu yemmuu ta'u, qorataan rakkoo kana furuuf tarkaanfii inni fudhate: kitaabilee wabii kan qorannichaan walqabatan gabaa irraa bituufi mana kitaabaa naannoo jiru deemuun kitaaba wabii barbaaduun rakkoon gama kanaan mudate furameera. Kana malees, silaabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa mana barumsaaf kan hin ergamne yoo ta'u, rakkoo kana furuuf xalayaa deggersaa Muummeen Afaan Oromoo Yuunivarsiitiin Haramaayaa naaf barreesse qabachuun BBO yoon deeme iyyuu, silaabasiin qophaa'ee harka isaanii jiru kan hin maxxanfamiin ta'uu naaf ibsanii jiran. Ammas abdii osoo hin kutatiin 'soofti koppii' isaa akka naaf kennaniif gaaffiin gaafadheen silaabasii kana argachuun hanqina gama kanaan mul'ate furuuf itti gargaarameera. Walumaagalatti, hanqinaalee qorataa mudatan haaluma asii olitti ibsameen furuun qorannoon kun hojjetameera.

2. SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMANII

2.1. Maalummaa Sagalee Dubbii

Akka Addunyaa, (2018:39) irratti ibsetti, Sagaloonni dubbii Afaan Oromoo itti fayyadamaa jirru murtaa'oodha. Wal faanommiifi faca'insa sagaloota kanaatu haasawaafi barreeffama afaanichaa hunda ta'u. Kunis, 'dachummaa' jechaa jechuun amala afaanii jalatti dhiyaatee jira. Amala sagaloonni kunneen gareedhaan qabanirratti hundaa'uun dubbifamaafi dubbachiiftuu jedhamuun ni qoodamu. Sagaloonni Afaan Oromoo amala isaan gareefi dhuunfaan qaban xiinxaluuf waantonni bu'uura ta'an, kan Catford (1988) afaanota hunda keessatti hujummaa /functionality/ sagaleewwanii qajeeltootti addaan baafachuuf bu'uura jechuun ibse yoo ta'u,isaanis kakaasa /initiation/, uumamsaafi sagaleessa jedhamu.

2.2. Gosoota sagaleewwan dubbii

Sagaleewwan dubbii Afaan Oromoo digdamii saglan bakka gurguddaa lamatti qoodamu. Isaanis: Sagalee dubbifamaa, Sagalee dubbachiiftuufi Sagalee dubbifamaa sagaleewwan dubbifamaa Afaan Oromoo lakkoofsaan 24 dha. Isaanis: [b], [ph], [c], [ch], [d], [dh], [f], [g], [h], [j], [k], [l], [m], [n], [ny], [q], [r], [s], [sh], [t], [w], [x], [y]fi [']

Sagalee dubbachiiftuu sagaleen dubbachiiftuu Afaan Oromoo warri bu'uurri lakkoofsaan 5' dha. Isaanis kanneen dubbachiiftuu gabaabaa jedhamanii beekamanidha. Isaanis: /a/, /e/, /i/, /o/fi /u/ dha. Dubbachiiftonni kunneen dheerchuus ni danda'u. Kunis, aa, ee, ii, oofi uu dha.

2.3. Gosoota dhamsagoota Afaan Oromoo

Afaanotni addunyaa kana irratti dubbataman dhamsagoota ergifataniin alatti dhaamsagoota murtaa’oo qabaatu. Dhamsagooni Afaan Oromoo amaloota qabaniin iddoo lamatti qoodamu Isaanis; dhaamsagoota dubbiffamaa fi dhasagoota dubbachiiftuudha. Innis, lakkoofsaan kan walcaalan yoo ta’u kanneen ergifataman malee walumaagalatti lakkofsaan 29 dha.

2.3.1. Dhamsagoota dubbifamtoota

Dhamsagootni dubbifamoon jechoota Afaan Oromoo ittin ijaaruuf tajaajila kan kennaa jiran kan ergifataman malee lakkoofsaan 24 yoo ta’an isaanis: /b/, /c/, /ch/, /d/, /dh/, /f/, /g/, /h/, /j/, /k/, /l/, /m/, /n/, /ny/, /ph/, /q/, /r/, /s/, /sh/, /t/, /w/, /x/, /y/, /'/ faadha. Dhamsagootni ergifannaan Afaan Oromoo keessatti tajaajilan immoo /p/, /v/, /z/, /ts/, /zy/ dha.

2.3.2. Dhaamsagoota Dubbachiiftotaa

Dhamsagootni dubbachiiftota Afaan Oromoo baay'inaan shan yommuu ta'an tajaajilli isaanis dhamsagoota dubbifamoo sagaloomsuudha. Dhamsagootni sagalee mataa ofii waan qabaniif ofsagaloomsuu danda'u. Isaanis; /a/, /e/, /i/, /o/fi /u/ dha.

2.4. Dhamjecha

Dhamjechi qaama xiqqaa afaanii ofdanda'ee dhaabbachuun hiika tokko qofa kennuufi hirkatee argamuun tajaajila caasluga adda addaa argisiisuuf ooluudha. Hockette (1970:123), "Morphemes are the smallest individually meaningfull elements in the utterance of a language," jedha. Kana jechuun dhamjechi caasaa xiqqaa afaanii jechoota afaanichaa keessatti argamuun hiika laachuu danda'u jechuudha. Dhamjechi jecha sana keessatti of danda'ee hiika haaqabaatu malee yoo addaan qoodaman hiika hinqaban. Filee (2015:73), "Dhamjechi, jecha yookaan qaama jecha tokkoo ta'ee, hiika tokko qofaa kan qabu, caasaa afaanii keessatti murteessummaa olaanaa kan qabuufi waa'ee hiikaafi tajaajila jechaa kan ibsuudha" jedha. O"Grady (1996:112), yoo ibsu, dhamjechi qaama xiqqaa afaanii ta'ee odeeffannoo hiikaa kan dabaluufi tajaajila caaslugaa argisiisuuf kan ooluudha. Kanaafuu, unki xinqooqaa tokko addaan qoodamee hiika dhabeessa yoo ta'e; jecha irratti dabalamuun hiika jechichaa kan jijjiiru yookaan kan dabaluufi tajaajila caaslugaaf kan oolu dhamjecha jedhama.

2.5. Maalummaa jechaa

Jechoota bu'uura afaan tokko keessa jiran bu'uureffachuun jechoota lakkoofsaan daanga maleessa ta'an ijaaruun ni danda'ama. Jechoota kana ijaaruufis ta'e isa ijaarame hubachuuf dubbataan afaanichaa ga'umsa ni qaba. Dameen xiinqooqaa ijaarsa jechootaa balballoomsuu irratti gahee guddaa taphatu immoo xiinjecha. Xiyyeeffannoon caasaa sadarkaa kanaas amala jechoonni bu'uuraafi jechoonni ijaaraman qabaniifi seerota isaan ittiin to'ataman balballoomsuudha. Kun immoo garaagarummaa dhaajechaafi jechaa addaan baasuu irraa eegala. Dhaamjechifi jechi garaagarummaas, tokkummaas ni qabu. (Addunyaa 2018) Yaada kana fakkeenya itti aanurraa yoo ilaallu

a. nama, namoome, namummaa, namni, namoota
b. diimaa, diimate, diimina, diimesse
c. {-oota}, {-a}, {nam-}, {-n-}, {-e}, {kut-}
d, lama, mana, jala irra

Fakkeenya armaan olii jalatti unkaaleen xiinqooqaa kan bifa garaagaraa qaban dhiyaatanii jiru. Isaan keessaa warri (afi b) jalatti kan dhiyaatan jechoota. Unkaalee hiika qaban: {-oota}, {-a}, {-oom-}, {-e}, {nam-}, {-n-}, {-i}, {-ummaa}, {diim-}, {-aa}, {-at-}, {-ina}, {-ess-}, qoqqoodamuu waan danda'aniifi. Kanneen (c) jalatti dhiyaatan immoo dhaamjecha. Jechoonni (d) jalatti dhiyaatan immoo lamaanuu ta'uu ni malu. Unkaalee(c,fi d) jalaa kanneen hiika qaban birootti addaan qooduun hin dandaa'amu. Kanaafuu unkuma kanarraa dhaamjechiifi jechi addaa addummaas, tokkummaas qabaachuu isaanii hubanna.

Xiinjechi akkaataa jechoonni afaan tokko keessatti horan, uumaman, garee garaagaraatti qoodamaniifi unka adda addaa afaan tokko keessatti qabataanii argaman xiinxaluudha. Dabalataaniis, haala uunkaa jechoonni afaan tokkoo ittiin sakatta’amu ta’uu isaafi saayiinsii haala jechoonni afaan tokkoo ittiin ijaaramuun tajaajila caaslugaaf oolan kan agarsiisuufi xiinxaluudha (Matthew, 1991; Radford, 1999; Yule, 1996). Xiinjechi akkaataa ijaarsa jechoota afaan tokkoo haala saayinsaawaa ta’een kan qo’atuudha. Qorannaa jechoota afaan tokkoo keessatti jechoonni ijaaraman akkaataa isaan garee adda addaatti ittiin qoodamaniifi unka addaa afaan keessatti qabaatanii argaman kan xiinxaluudha.

2.6. Faayidaa jechaa

Xiinjechi faayidaa garaagaraa qaba. Isaaniis: caasluga afaanii qopheessuu, jechoota waaltessuu, yaadrimee haraawaaf moggaasaa qopheessuufi garee jechoota afaan tokkoo murteessuun jechoonni afaan tokkoo gamtaan akka qoratamaniifi ilaalaman ni taasisa. Faayidaan xiinjechi afaan tokko keessatti qabu akka armaan gadiitti ibsuun yaalameer

Faayidaa xiinjechaa keessaa inni biroon, gumaacha inni guddina afaanii keessatti qabuudha. Kunis garaagarummaa afaan tokko keessatti sadarkaa sagaleerraa hanga xiinhimaatti jiru, looga afaan tokkoo, haalaafi jechoota garaagaraatti dhimma ba’amu waaltessuun addaaddummaa dubbattoota afaanichaa gidduu jiru hambisuun jecha hawaasni bal’inaan itti dhimma ba’u filachuun beekumsa xiinqooqaa gaafata. Jechoonni afaan tokkoo yemmuu waltinaaf filataman jechoonni horuufi dhamjechoota garaagaraa fudhatan jechoota maseenoo

dhamjechaa hinfufanneefi horuu hindandeenye caala carraa qabu. Sababni isaa jechoonni maseenoon guddina afaan tokkoo dagaagsurratti hanga jechoota horuufi dhamjechoota gosa garaagaraa shoorri isaan qaban gadaanaa waan ta’eefi (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992; Adunyaa, 2010)

2.7. Uumama Jechoota Afaan Oromoo

Jechootni afaan tokkoo haala itti uumamanii tajaajila caaslugaaf ooluu danda'aan addaan baasuun kan qaaccessu xiinjecha afaanichaati. Jechoota afaan tokkoo dhuunfaa dhuunfaan qo'achuun waan hindanda'amneef ulagaa xiinjechaa, xiinhimaafi xiinhiikaan gareetti qooduun barbaachisaa akka ta'e haayyonni xiinqooqaa ni ibsu. Qooddiin kunis, jechoota bu'uuraa afaan tokko keessatti argaman irratti olaantummaa fudhata.

Karaa biraan, jechoota bu'uuraa gareen jechoota isaanii beekaman kanneen akka: maqaa, maqibsa, durduubeefi gochimaatiin ala jechoonni dhamjechoota fudhachuun garee jechaa tokkorraa fiiguun garee jecha biroo ta'anii mul'atantu jiru. Haala kanaani uumamasa jechootaa kan jennuun.

Uumamsi jechootaa kun Afaan Oromoo keessatti maqaa, maqibsaafi gochimarratti waan uumamaniif walduraa duubaan maqeessuu, maqibseessuu fi gochimmeessuu jalatti ilaalama. Adeemsi kunis, garee jecha sana irratti hundaa'uun gosni dhamjecha maxxanfatuu garaagara ta'uu danda'a. Yaada kana ilaalchisee Addunyaa (2011:57) irratti yoo waa'ee maqeessuu ibsu, "adeemsaa yaasaan maqaa uumuu keessatti ga'ee guddaa kan taphatan maqeessitootuu akaakuu fufiilee ta'anii gareewwaan jechootaa kanneen biroo gara maqaatti warra jijjiraniidha." Dabalataan, waa'ee maqibseessaa yoo addeessu, "yaasaan karaa ittiin maqibsa uumamteen argamu keessaa tokko ta'ee, jechoota duraan jiranirraa kan biraa baasuu yaad-rimee jedhu qaba.

Adeemsa kanaan maqibsiin uumaman maqibseessatti (adjectivizer) dhimma ba'u." Bu'uuruma kana irraa ka'uun, gochimmeessunis, akkuma maqaarraa hubatamu jechoota bu'uuraan gareen isaanii gochima hinta'inirratti fufiilee gochimmeessitoota (verbalizers) bifa yaasaan itti fuufsiissuun gara gochimaatti fiduu ta'uusaati. Kana malees, maqibseessuufi gochimeessuun adeemsa diigalaan kan uumamaniifi maqeessuun immoo, adeemsa suphuufi diigalaan kan uumamu ta'uu, Addunyaa (2011:90) ilaaluun ni danda'ama.

2.8. Hima

Himni gareewwaan gooree xiinqooqaa keessaa tokko ta'ee, akkaataa itti jechootni wal-filatanii caasaa isaanirra guddaa kanneen akka gaaleefi ciroo ijaaratan saayinsii qoratuudha. Dabalataan, Addunyaan, Adger (2003) wabeeffachuun yoo ibsu, afaan tokko keessatti jechoonni hima ijaaran tartiiba qabatamaa kan hordofan ta'uu isaaniti.

Yaada kanarraa kan hubatamu akkaataan jechoonni, gaaleefi ciroon afaan tokkoo, duraadubbummaafi irraa jalummaa isanii eeguun kan waliin qindaa'an ta'uufi irraajalummaafi duraaduubbummaa isaaniirraa maqnaan seera afaanichaa akka diiganitti kan ilaalamaniifi afaanicha keessatti hiikaafi fudhatama kan hinqabne ta'uu issaniti. Ijaarsa himaa keessatti jechoonni bakkaafi wal-hidhinsa qabaniin ilaalamuufi walmalee bu'aa buusuu akka hindandeenye, jechoonni walii isaanittiifi himatti, himnis jechootaan ergaa guutuu tokko dabarsa. Kunis, jechoonni ijaarsa himaa keessatti bakka qabameef, tartiiba qabatamaa, hiika dhuunfaafi garee qabachuun amala walii akka ta'eedha.

Tartiibni jechoota hima Afaan Oromoo ijaaranii sirna qaba. Sirnaalee kunneenis, duraa dubummaa jechootaa, kennataa ta'uun yookaan fudhatamummaan isaanii kan mirkanaa'u Oromoodhaani. Jechoonni hima ijaaruuf duraa duubaan dhufan amala dhuunfaa qabaatanillee, waliinis hojjetu. Yaada kana xiinhima jalatti Addunyaan, Aitchion (1999:16) wabeeffachuun yoo ibsu: Qaamoleen himaa hundi bakka isaanii qabame qabaatanillee waliin ilaalaman malee yoo sirna caasaa sanaatiin ala bahan, bu'aa hin buusan

2.9.Akkaataa Dhiyaannaa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Kitaaba Barataa Keessatti

Galma ga'insa baruu barsiisuuf akkaataan dhiyaannaa kitaaba barataa baay'ee murteessaadha. Kitaabni qophaa'u, sadarkaa barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyee barattoota mariisisuuf mijatu; akkasumas, irra deddeebii kan hin qabneefi kan barattoota xiinxalsiisu danda'u ta'uu qaba. Harmer (1987:47), "Kitaabni qophaa'uu kan barattoonni daree barnootaa keessatti waliin mari'achaa yookaan haasa'aa akka baratan taasisu yoo ta'e gaariidha; kunis, karaa kallattiifi alkallattii ta'uu danda'a," jedha. Kana jechuun qabiyyeen barnoota qophaa'uu kan barattoonni kallattiin irraatti mari'ataniifi fayyadama yookaan galumsa keessa akka barataniif kan qophaa'u ta'uu qaba. Xinqooqa Afaan Oromoo kallattiifi al kallattiin barreeffama keessatti dhiyeessuun akka barattoonni ofiin xiinxalanii waan barbaadame bira ga'an gochuun ni danda'ama. Kitaaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessattis karaa kallattiifi alkallattiin dameewwan xiinqooqa adda addaa barreeffama keessa galchuun qophaa'ee osoo ibsa waliin dhiyaatee barattoonni akka ofiin shaakalaniif waan gargaaruuf, dhuunfaan yookaan gareen hojjetanii hubannoo gahaa akka argataniif isaan gargaara. Akkaataa dhiyaannaa xiinqooqaa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa bara 2005 qophaa'e yoo ilaalle immoo kallattiin shaakala laachuurratti waan xiyyeeffata.

Haalawwan dhiheenyaa bu'uura ta'an keessaa inni tokko haala dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuun seera barsiisuuti. Qabiyyee caasaa haala dhiheenya kanaan barattoonni gilgaalota erga hojjatanii booda seera isaa ofiin akka bira gahan taasisuudha (Cunning Worth 1995). Kana malees, haalli dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuun seera barsiisuu barattoota hirmaachisuun, moodeela afaanichaa irra deddeebi'anii akka ilaalan kakaasuu, gochaalee waa qaacceessuu, walitti fiduufi addaan baasuufaa waan dabalatuuf fedhii barachuuf qaban akka dabalu kan gargaaruudha (Woods,1995). Haalli dhiheenya inni lammaffaa ammoo seerri ifatti erga taa'een booda barattoonni caasaa afaanichatti haalaan fayyadamuun gilgaalota dhihaatan karaa shaakala too'atamaa ta'een kan hojjetaniidha (Freeman,1991). Haala dhiheenyaa kam wayya? Gaaffii jedhuuf hayyoonni deebii adda addaa qabu.

Haala dhiheenya seera dura barsiisuun fakkeenya shaakalsiisuun barattoonni seera caaseeffama sanaa waa'ee haala galumsaafi hiika isaa ibsa ifa ta'e waliin waan argataniif barachuun itti salphata. Gama barsiisotaatiin immoo yeroo qusataaf. Keessattuu gaaffilee barattoonni caasaa ilaalchisee kaasaniif deebii kennuufi gargaaruuf karaa salphaa yoo ta'u, kaayyoon isaas barattoonni afaanicha waliigalteef fayyadamuu akka danda'an kan gargaarudha. Stern,(1992) akka saayinsii barnootaatti haala dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuuun seera barsiisuu barattoonni seera afaan isaanii ofiin akka shaakalan waan jajjabeessuuf filatamaa ta'uusaa ibsa. Haata'u malee CunningWorth (1984) haalli dhiheenya gosa lachuu dadhabbinaafi cimina mataa isaanii waan qabaniif haala dhiheenya kanniin keessaa tokko fayyadamuun yookiin inni tokko isa biroo ni caala jechuun dogoggora akka ta'e ibsa. Kanaafuu lamaanuu waliin makuun fayyadamuun filatamaa ta'a jechuun ibsa. Walumaagalatti yaada ibsa kana irraa akka hubatamutti lamaan isaanitu walkeessa fayyadamuun barnooticha bu'a qabeessa kan taasisuudha.

2.10. Faayidaa Dhaamsagaa-Himaatti Kitaaba Barataa Keessatti Dhiyeessuun Qabu

Dhaamsagaa –Himaatti kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun caasaa guddina barnoota Afaan Oromoof murteessaadha. Nunan (1989), yoo ibsu, “Barbaachisummaan Caasaa Afaanii barsiisuun qabu inni guddaan caasaa afaanichaa eeganii waliigaltee uumuuf gargaara,” jedha. Kana jechuun matimaa, antimaafi gochima walsimsiisuu keessatti gaheen caasaa afaanii olaanaa ta'uudha. Jecha tokko qorachuuf akkaataa sagaleeleen ittiin walitti dhufanii jechoota ijaaran ilaaluun murteessaadha.Dhaamjechi hiika jecha tokkoo murteessuu keessattis ta'e,

jijjiirama hiika jechaa fiduu keessatti faayidaa olaanaa waan qabuuf, kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun barsiisotaafi barattootaaf hubannoo uuma. Kaayyoo dhaamjecha qo'achuun barbaachiseef keessaa tokko, caaseffama jechootaafi karaalee caasaaleen kunneen walitti dhufuun jechoota biroo uumuu keessatti hariiroo isaan waliin qaban ibsuuf gargaara, jedha, (Anderson 1992:7). Kanaaf, dhaamjechi kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun barsiisonni qorannoo akka irratti geggeessaniifi barattoonni ijaarsaafi caaseffama isaanii akka baratan; akkasumas, unkaalee jechicha ijaaran gadifageenyaan akka beekaniif gargaara. Unkaalee jechaa beekuun immoo waa'ee xiinqooqaa tokko tokkoon ibsuu danda'uuf waan gargaaruuf kitaaba barataa keessatti qindaa'ee dhiyaachuun barbaachisaadha. John Atkins (1995), “Caasaa caaslugaa kanneen akka: hennaa, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa, garee jechootaa jijjiiraniifi kkf argisiisan barattootaaf ibsuun barsiisuun gaarummaa qaba,” jedha. Sababni isaas, sadarkaa kanatti, barattoonni caasaalee kanneen yoo baratan dandeettii afaan isaanii haalaan akka gabbifataniif ni gargaara. Kanammoo kan argatan hubannoo xiinqooqaa yoo qabaatanidh

2.11. Seerota Qophii Kitaaba Barnoota Afaanii Caasaalee dhaamsagaa-himaaa irratti

Slobin (1978: 301) seerota qophii kitaaba barnoota afaanii torba ibsee jira. Isaanis: Dhiyeessa xiinqooqaa irratti xiyyeeffachuun, Jechoota afaanichaa irratti xiyyeeffachuu, Dhamsagoonni jechoota afaanichaa sirnaan qindaa'uu, Ijaarsa jechootaafi dhamjechootaaf xiyyeeffannoo kennuu, Irra deddeebiifi kan nama danqan caasaa xinqooqaa afaanichaa keessa hambisuu, Hariiroo hiikaa jechootaa haala ifa ta'eefi qulqullina qabuun dhiyeessuu, Qabiyyee dhiyaachuu qabu guutummaan dhiyeessuufi Faayidaa hiikni caasaa afaanichaa waliin qaban adda baasanii ibsu jedhaniidha.

Akkaataa qophii seerota kitaaba barnoota afaanii asii olii kana keessaatti mul'atutti, haala dhiyeessa xiinqooqaaf xiyyeeffannoo kennuu kan jedhu kallattiin mata duree qorannoo kanaan waan walqabatuufi seerluuga jalatti waan qoratamaniif, qabiyyee barnoota Afaan Oromoo keessatti faayidaafi akaakuu xiinqooqaa ibsuu irratti xiyyeeffachuun kitaaba barataa qopheessuun barbaachisaadha. Harmer (1987:10) akka jedhutti, “ barsiisonni unka maalii akka barsiisaniifi unkichi tajaajila maaliif akka oolu murteessuun barbaachisaadha,” jedha. Kana jechuun qophii KBfi QB keessatti tajaajilli dameewwan xiinqooqaa unkaalee garaagaraa keessatti argaman, maaliif akka oolaniif; maaliif akka barsiifaman tokko tokkoon ibsamee barattootaafi barsiisotaaf dhiyaachuu qaba jechuudha.

2.12. Gahee Dhiyaannaa Kitaaba Barnootaa Gaarii

Adeemsa baruu-barsiisuu afaanii keessatti galma ga'insa sagantaa barnoota afaan tokkootiif, dhiyaannan kitaaba barnootaa iddoo guddaa qaba. Kitaabni barattootaa gosa barnootaa tokko qofa qabatee, tooftaadhaan kan sadarkeeffamu, sadarkaa barnoota tokkootti itti fayyadamuuf kan qophaa'ufi sagantaa barnoota tokkoof meeshaa barnootaa isa ol'aanaadha. Kitaabni barattootaa qabiyyee mijaa'aa kan qabu, tooftaa dhiyaannaa baruu-barsiisuu waliin kandeemu, siritti qindaa'ee barattoota kan kakasuufi barsiisaan bal'isee dhiyeessuuf kan mijatu ta'uu qaba(Good,1973).

Kana malees faayidaa kitaabni barattootaa adeemsa baruu-barsiisuu keessatti qabu akka kanaa gadiitti tarreeffameera: Barattoonni akka dandeettii isaanitti akka barataniif carraa kenna, Barattoonni waan daree keessatti baratan irra deebi'anii akka sakatta'an dhiyeessafi Waan yaadatan mirkaneeffachuufi kkf.taniif gargaara(Brown, et al,1989)

Walumaa galatti, kitaaba barattootaa qopheessun xiyyeeffannoo kan gaafatuudha. Kitaabni barattootaa fedhii barattootaa kan kakasuufi dandeettii barattootaa kallattii bal'isuu danda'uun qophaa'uu qaba. Gama biraatiin immoo, gaheen kitaaba barnootaa barsiisota muuxannoo hinqabneef haala isaan karoora baafatanii itti barsiisan qajeelchuuf kan gargaaru ta'uu qaba (Richards, 2001). Akka waliigalaatti yoo ilaalamu gaheen kitaabni barnootaa sagantaa barnoota Afaanii keessatti qabu ol'aanaadha. Isaan keessaa warreen ijoo ta'an; Gilgaalota barattoonni Afaanicha ittiin barataniifi waliin barachuuf isaan gargaaru dhiyeessa. Qabiyyeewwan Afaanii; seerluga, ijaarsa jechootaa, dandettiwwan Afaanii kan cimsan dhiyeessafi Barsiisota mara haala walfakkaatuun dhiyeessa. Kana malees,qabxiilee akka faayidaa kitaaba barnootaatti ilaalaman keessaa; Sagantaa barnoota Afaanii akka caasaafi qajeelfama akka qabaatu taasisa.Barnoonni afaanii bifa walfakkaatuun akka baratamu taasisa, Kan sirriitti qindaa'e yoo ta'e qulqullina barnootaa agarsiisafi Akkaataafi ciicata afaan barsiisuu bu'a qabeessa ta'e dhiyeessuu danda'a.

Richardsfi Renandyan (2002:65) "Kitaabni barnootaa, kan barsiisu qofa osoo hintaane; kan madaalus ta'uu qaba," jedha. Qabiyyeen hundi kaayyoo kitaabaa galmaan ga'uuf dhiyaatu. Bu'uuruma kanaan, kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee kanaa gadiitiin qophaa'uu qaba. Kitaabichi kaayyoo barnootichaa kan of keessatti hammate ta'uu qaba, Kitaabichi jiruufi jireenya barattootaa ilaalcha keessa kan galchu ta'uu qaba, Gilgaalaafi dalagaaleen adda addaa qabiyyee boqonnichaan walsimee dhiyaachuu qaba, Kitaabichi kan hamilee barattootaa

ijaaru ta'uu qaba, Kitaabni barataa hawwataa ta'uufi dogoggora maxxansaa irraa bilisa ta'uufi Umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa giddugaleessa godhachuu qaba.

2.13. Ulaagaalee Madaallii Kitaaba Barnoota Afaanii

Meeshaalee barnootaa hojiin baruufi barsiisuu ittiin adeemsifamu keessaa kitaabni barnootaa isa ijoodha. Sababni isaas meeshaaleen barnootaa kanneen biroon kaayyoo kitaaba barataa keessatti dhiyaatee qixa qajeeltoo ta'een galmaan ga'uuf kan qophaa'udha. Kanaafuu qophii kitaaba barataatiif xiyyeeffannoo guddaan taasifamuu qaba jechuudha. Bu'uuruma kanaan ulaagaa kitaaba madaalu moodela kitaaba madaaluu Cunnisgrowth, (1995) irratti hundaa'uun kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi 12ffaa kanan madaale ta'a. Isaanis madaallii kitaaba barnootaa yemmuu ibsan, “Textbook can be evaluated to measure various characteristics such as credibility, validity, flexibility, authenticity, practicality, aims, appropriateness, utility and many other features that teachers, learners and administrators look for*,”* jechuun kaahu.Yaada kana irraa hubachuun akkuma danda'amu, kitaabileen barnootaa amaloota adda addaa kanneen akka sirrummaa, kan yeroo waliin deemuu, hojii irra oolmaa, kaayyoo, mijaa'inaafi kkf madaalamuu ni danda'u.

Akkasumas, Cunnig Srowth, (1995) ulaagaalee kitaaba madaallii akka armaan gadiitti kaaha. Isaanis: Fedhii barattootaa waliin walsimachuu qaba. Akkasumas, kaayyoofi galma karoora afaan barachuu waliin walsimuu qaba. Faayidaa afaanichaa ammaa yookiin gara fuulduraa calaqqisiisuu qaba. Kitaabni barattootaa barattootni faayidaa dhuunfaa isaaniitiif sirriitti afaanitti akka fayyadamaniif kan gargaaru ta’uu qaba. Mala dhaabbataa tokko qofaan dhiyaachuu hinqabu. Gahee ifaa ta’e kan barachuu gargaaru kanneen akka barsiisaan afaanii maddaafi barattoota walquunnamsiisuu qabaachuu qaba (Cunnig Srowth, 1995).

A. Hunda Galeessummaa

Kitaabni barnootaa tokko hunda galeessa ta'uu qaba yeroo jennu qabiyyeen barnootaa kitaaba sana keessatti kaayyoo barnootaa galmaan ga'uuf dhiyaatu barattootaan kan hojiitti hiikamuu danda'u ta'uu qaba. Barattoota irratti jijjiirama amalaa fiduu qaba jechuudha.

B. Tartiiba

Tartiiba jechuun haala duraa duuba sirrii ta'een salphaadhaa gara cimaa, dhiyoodhaa gara fagoo,yaadamurtaa’aa irraa gara yaada dimshaashaatti qabiyyeen barnootaa seemisteeraan

ykn boqonnaa gara boqonnaatti bifa barattootni haala salphaa ta'een beekumsa itti horataniin kan kitaabni itti qophaa'udha. Bishop, (19900 tartiibaan walqabatee yaada jiru akkanatti ibsa, “Sequence refers to ordering or arrangement of content and accompanying mental powers into sequence of teaching learning process,*”* (Bishop, 1990 fu. 57). Yaada kana irraa qabiyyeen barnootaa cimina sammuu barataa irratti hundaa'ee tartiibeffamuu ykn duraa duubaan kaa’amu akka qabu hubanna.

C. Uwwisa

Jechi uwwisa jedhu yaada daangaa qabiyyeefi kaayyoo barnootaa kan of keessatti qabatedha. Kunis qabiyyeen barnootaa kamiyyuu galma ga'iinsa kaayyoo barnootaatiif murteessaa ta'uu isaa hayyootni adda addaa ni’ibsu.*“*The scope of the program of the study would include every content that is thought to contribute to the students attainment of currcular objective*,”* (Wudduufi Teferraa, 2006:18). Yaada kana irraas akkuma hubannu, uwwisni qabiyyeen barnootaa tokko kan murtaa'e ta'uu isaa bal'inaafi gadifageenyaan kaayyoo barnootichaa galmaan ga'uuf deemamu hangam akka ta'e kan murteessudha jechuudha.

D. Walsimiinsa

Wudduufi Teferraa, (2006:181) walsimiinsa yemmuu ibsan, *“*Integration implies coherance, unity, inter-relatedness and connectedness.It empasizes the experience to be acquired from various areas in a class room have to be arranged in such a way that unities among the various areas are maintained,*”* jedhu. Akkuma yaada kana irra hubannu walsimiinsa jechuun walqabatiinsa, walitti hidhamiinsafi tokkummaa qabiyyeen barnootaa kitaaba keessatti ittiin qindeeffamu jechuudha

E. Sirrummaa

Kitaabni barnootaa yeroo qophaa'u haala bu'aa qabatamaa hawaasichaaf argamsiisuu danda'uun ta'uu qaba. Haaluma kanaan, Cunnigsrowth, (1995) “Kitaabni barnootaa filatamu sun kaayyoo barnootaa barbaadame kan galmaan ga'u ta'uu qaba. Gama biraatiin barattoota irratti jijjiirama amalaa argamsiisuu danda'uu qaba. ” Yaada kanarraa akkuma hubachuun danda’amu qabiyyeen barnootaa dhiyaatu tokko kaayyoo dhiyateef sana galmaan gahuu qaba jechuudha.

F. Gocha adda addaa Qabu

Barattootni dandeettiifi ga'umsa adda addaa qabu. Muuxannoo tokko fudhachuufis tooftaan isaan itti gargaaraman adda adda. Kana malees fedhiin isaan waan tokkoof qaban tokko miti. Qabiyyeen kitaaba barnootaa keessatti dhiyaatus haala fedhii namootaa adda addaa guutuun gabbatee qophaa'uudhaan kaayyoo barattootni qaban dhugoomsuu danda'uu qaba. Fakkeenyaaf looga adda addaa qabaachuu qaba, (Cunnigsrowth 1995:19).

G. Mijaa'ina

Saeedeh, (2012:187) mijaa'ina yemmuu ibsu, "The students perform the tasks willingly and with tremendous enthusiasm. All students participate evenly in the tasks. It seems that they are highly appropriate to the age, level ,back ground and interest of the students," jedha. Yaada kana irraa akkuma hubachuun danda'amu, kitaabni barataa yeroo qophaa'u haala barattoota giddu galeessa godhateen ta'uu qaba kanan jedhu sadarkaa hubannoo isaaniifi hangam qophaa'ina qaban jechuudha. Hojiin baruufi barsiisuu milkaa'uu kan danda'u, yoo barattoonni qaamaafi sammuudhaan qophaa'anidha. Qabiyyeen kitaaba barattootaas, cimina qamaafi sammuu barattootaatiin kan wal madaalu ta'uu qaba. Garmalee cimaa yookiin garmalee salphaa ta'uu hin qabu.

H. Irra Deddeebbii

Irra deddeebbii yeroo jennu kitaaba barnootaa tokko keessatti qabiyyeen barnootaa argamu inni duraa isa itti aanee dhiyaatuuf akkaataa bu'uura ta'uu danda'uun boqonnaadhaa gara boqonnaatti irra deddeebbiidhaan kan dhiyaatudha, Jorge Bishop, (1995 fu. 58). Yaada kana irraa akkuma hubachuun danda'amu, barattootni yeroo murtaa'e keessatti yaadachuudhaan akka barataniif yaada fooyya'e yookiin dandeettii barbaadame qabaachuuf isaan dandeessisuutti haala itti dhiyaatudh.

G. Iftummaa

Qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan haala ifaafi salphaa ta'een dhiyaachuu ni danda'a. Akka Harmer,(1987)fi Swan,(1994) ibsanitti qabiyyeewwan barattootaaf dhiyaataan, ibsoonni, fakkeenyonni, ajajiwwaniifi gilgaalonni ifaafi kanneen hin mamsiisne ta'uu qabu. Iftummaan akka jiraatuuf ammoo haala dhiheenya duraa duuba eeggate, fakkeenyota kan dabalate, qabxilee gurguddoof xiyyeeffannoo kan kennuufi dhimmoonni mamsiisaa ta'uurraa

walaba ta'an jiraachuu qabu. Yaaduma kana yogguu ibsan gilgaalonni daree keessattis haa ta'u akka hojii manaatti kennaman ajaja ifaa ta'e qabaachuu qabu. Gaaffileen gilgaalotni sana jalatti dhihaatan hunduu akkaataa ittiin hojjatamuu qaban ilaalchisee fakkeenyi ifa ta'e dhihaachuu qaba. Seeronni caasaa salphaa, ifaafi walxaxaa kan hintaane ta'uu qabu. Seeronni ifa ta'uu dhabuun, akkasumas haalli dhiheenya caasaa jechaafi himaa walxaxaa ta'uun ibsi waa'ee seerota sanaa irratti dhiyaate ifatti akka hin hubatamneef danqaa ta'a. Kanaafuu iftummaan dhiyeenya caasaa keessatti qabxii ijoo xiyyeeffannoo guddaa barbaadudha (Swan,1994).

3. XIINMALA QORANNICHAA

3.1. Ibsa Kitaabilee Qorannoof Filatamanii

Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa Federaala Rippaabilika Diimokiraatawaa Itoophiyaatti, Ministeera Barnootaan maxxansi jalqabaa bara 2005 A.L.I/2012 A.L.A kan qophaa'edha. Kitaabni barattootaa kutaa 11ffaa boqonnaa 17fi fuula 224 of keessaa qaba. Kitaabni barattootaa kutaa 12ffaa immoo, boqonnaa 18fi fuula 172 of keessaa qaba. Maxxansaafi raabsaan kitaabilee kanneenii mana maxxansaa MK Ltd. Kaampaala Ugaandaadha.

3.2. Saxaxa Qorannichaa

Kutaan kana keessatti malafi adeemsa qorannoon kun ittiin gaggeessamuti ibsama. Qorannichi gosa qorannoo ibsaa, saxaxa mala akkamtaatti gargaaramuun gaggeeffame. Malli akkamtaan ragaalee qorannichaaf barbaachisan funaanuun jechaan ibsa (Creswell, 2003). Mala akkamtaa fayyadamuun kaayyoo qorannoo kanaa Haala dhiyeessa xiinqooqa barnoota Afaan Oromoo kitaaba barattootaa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti dhiyaate sakatta'uun ibsuufi jedhu galmaan ga'uuf ragaalee funaanuufi qaaccessuun qorannoon kun kan gaggeessame

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu argachuuf qaamoleen kallattiin mataduricha waliin walitti dhufeenya qaban: Kitaaba barataa, Qajeelchaa barsiisaafi Silabasii barnootaa kutaalee 11ffaafi 12ffaafi barsiisota kutaalee kanneen barsiisaa jiraniidha. Kanaaf, qorataan kitaabilee barattootaa jiran keessaa Kitaaba barataa kutaalee11ffaafi 12ffaa mala akkayyootiin iddatteeffateera. Addunyaa (2011:20) "Qorannoo akkamtaa keessatti, qorataan odeeffannoo gadifageenya qabu argachuuf sakatta'a dokimentiitti dhimma ba'uudha," jedha. Kanaaf, iddattoon qorannoo kanaa Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaaB kutaalee 11ffaafi 12ffaa yoo ta'u, afgaaffiin barsiisota mana barumsaa Qophaa'inaa Atinaagoo, kutaalee 11ffaafi 12ffaa barsiisaa jiran dhiira 2fi dhalaa 1 carraa malee akkuma jiranitti fudhachuun iddatteeffateera. Kanaaf, qoratichis, Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa irratti xiyyeeffachuun afgaaffii barsiisotaan deggeruun qorannoo isaa geggeesseera.

3.4. Madda Odeeffannoo

Qorataan qorannoo kana keessatti madda odeeffannoo naaf ta’uu danda’u jedhee kan dhimma itti ba'e madda ragaa 1ffaafi 2ffaa yemmuu ta'an, isaanis kanneen armaan gadiiti.

Madda ragaa 1ffaa

Maddi ragaa tokkoffaa Kitaaba barataa, Qajeelcha barsiisaafi Silabasii barnootaati. Sababiin maddeen kanneen filateefiis, kitaabilee sakatta’uun Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti: jedhu irratti odeeffannoo quubsaa irraa argachuun waan danda'eefi.

3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo kanaaf barbaachisoo ta'an kan qorannicha dalaguuf gargaaran funaanuuf meshaalee funaansa ragaalee adda addaatti dhimmi bahamee jira. Meeshaaleen funaansa ragaalee kunniins sakatta'a harshammeeti. Odeeffannoon bu’uura qorannoo ta’e kunis, kaayyoo qorannichaa galmaan ga’uuf mala ittiin funaannamu qaba” jedha. Yaada kanaarraa wanti hubannu ragaan bu’uura qorannoo malaafi meeshaan ittiin funaanamu ga’ee qabachuu isaati. Kanarraa ka’uun, ragaan yookiin odeeffannoon qorannoo kanaa kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, keessatti argamaan dhiyyeessuun waan sakatta'uu harshammeetti dhimma ba'e. Kunis, ragaaleen barreeffamaan kan jiran waan ta’eef, akkaataa kitaabilee kanneen keessatti Dhaamsagaa-himaatti dhiyaate kan sakatta'edha.

Sakatta'a Harshammee

Harshammee akka meeshaa funaansa odeefannootti qorannoo kana keessatti dhimma ittiin bahame. Sababni kun ta'eefis, qabiyyeen xiinqooqaa barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa KB, QBfi SB barnootaa keessa keessa waan jiruufi. Meeshaa funaansa ragaa harshammee gargaaramuun qorataan Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessa jiru ittiin sakatta'ee, gaaffilee: Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani barnoota Afaan Oromoo kitaaba barattootaa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti haala kamiin dhiyaate? jedhu, Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jiran Afaan Oromoo kitaaba barattootaa kutaalee 11ffaafi 12ffaa dandeettii barattootaa waliin kan wal madaaledhaa?, Ciminnii haala dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani kitaba barataa kutaalee

11ffaafi 12ffaa maal fakkaata? jedhaniifi hanqinni haala dhiyeessa qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani kitaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa maal fakkaata? jedhu deebisuudhaan, kaayyoo haalli dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani barnoota Afaan Oromoo kitaaba barattootaa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessa jiru akkamitti akka dhiyaate adda baasuun kaa'a jedhu, Haalli dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani barnoota Afaan Oromoo kitaaba barattootaa, dandeettii barattootaa waliin wal madaaluu isaa adda baasuu, Ciminnii haala dhiyeessa qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani kitaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa adda baasuu jedhaniifi hanqinni haala dhiyeessa qabiyyee dhaamsagaa-himaa kitaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa adda baasuu jedhu kaayyeffate galmaan kan ga'edha.

3.6. Mala Xiinxala Ragaalee

Mala Ragaan ittiin Qaacceffame Qoratichi ragaalee meeshaalee funaansa ragaa adda addaatiin argamaan kan asiin olitti ibsamaniin funaanaman haala armaan gadiitiin qaaceessee jira. Dursa, Ragaawwan matadurichaan walqabataniifi wal hinqabanne akkasumas ragaawwan sakatta’aman addaan baasuudhaan sirrummaafi qulqullinni odeeffannoo funaanameen mirkanaa’eera. Itti aansuudhaan, ragaalee kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa irraa argaman ragaalee bifa ibsaatiin mul’atan waan ta'aniif mala dhiheennaa akkamtaatiin qaacceffamaniiru. Akkasumas ragaaleen barsiisota irraa funaannaman haala walfakkeenyaafi garaagarummaa isaaniitiin gaaffannoo bu’uura godhachuun gurmaa'anii qaacceffamanii jiru. Walumaagalatti ragaaleen qaamota kanneen irra argamanis yaadan wal simatanii jechaan ibsamanii jiru. Waan Kana ta’eef odeeffannoon meeshaa funaaansa ragaa sakatta’a barruufi af-gaaffiitiin walitti qabaman haala walitti dhiyeenya qabaniin gabateewwan adda addaa keessatti qindaa’anii bu’aan xiinxalli isaanii jala jalatti jechaan qaacceeffamanii ibsi barbaachisaan kennamee boqonnaa itti aanu keessatti dhiyaatee jira.

4. DIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

4.1. Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jiran: Kitaaba barataa Kutaa 11ffaa

Dameewwan xiinqooqa Afaan Oromoo Kitaaba Barataa kutaa 11ffaa keessatti argaman gooree gooreetti addaan qooduun ragaa sakkatta'a arshammeen argame xiyyeeffannoo madaallii waliin gabateedhaan dhiyaatee jala jalatti xinxalli isaanii haala kanatti aanee jiruun geggeeffameera.

Gabatee .1. Diyaannaa Qabiyyee sagalee

Boqon	**Fuula**	**Xiinsaga**	**Barannoo**	**Gilgaa**	**Xiyyeeffannoo madaallii**
1	14	Birsaga	4	8	Jechoota birsagatti qooduu, jechoota gosoota birsagaa (birsaga banamaafi birsaga cufamaa) iratti hundaa'uun qooduu, jechoota birsaga salphaafi birsaga jabaatti addaan qooduufi birsaga ijaaruu

Gabatee 1. irraa hubachuun akkuma danda'amu, dhiyaannaa qabiyyee xiinqooqaa Afaan Oromoo Kitaaba barataa kutaa 11ffaa keessaa, xiinsaga jalatti kan ramadamu birsagaaf xiyyeeffannoon madaallii isaatiif kennameef, jechoota birsagatti qooduu, jechoota gosoota birsagaa iratti hundaa'uun qooduu, jechoota birsaga salphaafi birsaga jabaatti addaan qooduudha. Itti fufuun, gabatee armaan olii keessatti qabiyyeewwan xiinqooqaa dhiyaatan keessaa xiiyyeeffannoo madaallii isaanii akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Kitaaba barataa keessatti caasaan birsagaa, qaamolee jechootaa birsgatti qoqqoduun qabiyyeen walqabatan: Boqonnaa 1, Barannoo 4, Caasluga, Gilgaala 8, fuula 14 irraa eegalee mataduree Afaan akkamitti jalqabe? jedhu keessatti, qoqqooddii birsagaafi caasaaleen birsagaa haala kanatti aanee jiruun dhiyaatee jira.

jecha	**birsaga**	**baayina birsagaa**
a, dachaa	da, chaa	2
b, gurgurame	gur, gu, ra, me	4

Fakkeenya armaan olii irraa waanti hubatamu jechi (a) jala jiru birsaga lama, kan (b) jalaa immoo birsaga afur irraa ijaaraman. Birsagoonni kun immoo qaamolee birsagaa jalatti qoqqoodamuu isaaniiti.

a. d_m, d_s, d_m

b. d_S, d_S

c. d_S

b $d_m d_S$

e. $d_m d_S d_S d_m$

Caasaalee kanneen ilaalchisee deebiin Qajeelcha barsiisaa irratti kennamee jiru, firfirsan, aaduu, oromoo, bishaanfi deeme kan jedhanidha.

Kun immoo barsiisaafi barataa dogoggorsuu waan danda'uuf, osoo birsaga hin caasessiin dura waa'ee birsaga salphaa maaliif salphaa akka jedhame, waa'ee birsaga jabaa maaliif birsaga jabaa akka jedhamee, mallattoo isaan bakka bu'aniifi garaagarummaa isaanii erga ibsee booda osoo caasessee seerluuga afaanichaa walsimsiisuu keessatti shoora guddaa taphata.

Gabatee 2. Dhiyaannaa Qabiyyee dhaamjechaa

Boq.	**Fuula**	**Xiindhaa mjecha**	**Barannoo**	**Gilgaala**	**Xiyyeeffannoo madaallii gilgaalichaa.**
1	17	Dhaamjechoota	4	9	Tajaajila fufiilee agarsiisuu
4	70	Dhaamjechoota	3	5	Dhaamjechoota horteefi yaasaa addaan baasuu

Gabatee 2. Xiyyeeffannoo madaallii isaaniitiinis gabateen kun akkuma nu hubachiisu, dhaamjechi tajaajila fufiilee agarsiisuu, dhamjechi dhamjechoota horteefi yaasaa addaan baasuu.

Hanqina Kitaaba barataa Qabiyyeen dhaamjechaa Kitaaba barataa fuula 17 irra jiruufi kan fuula 70 irra jiru, salphaarraa gara cimaatti kan dhiyaate miti. Fakkeenyaaf, Kitaaba barataa boqonnaa 1 gilgaala 9 A jalatti tajaajila fufiilee agarsiisi jedha. Kitaaba barataa boqonnaa 3 gilgaala 5 irratti qoqqooddii fufiilee horteefi yaasaatti erga qoodee tajaajilli isaanii garaagara akka ta'e kaa'a. Qoqqoodinsa isaanii erga dhiyaatee booda utuu tajaajilli isaa dhiyaatee irra jireessaan dandeettii barataa waliin akka wal simu qorataan deebii afgaaffii barsiisotaa irraa

argateen wal qabsiisee ibseera. Tartiiba jechuun haala duraa duuba sirrii ta'een salphaadhaa gara cimaa, dhiyoodhaa gara fagoo, yaada murtaa'aa irraa gara yaada dimshaashaatti qabiyyeen barnootaa seemisteeraan ykn boqonnaa gara boqonnaatti bifa barattootni haala salphaa ta'een beekumsa itti horataniin kan kitaabni itti qophaa'udha. Bishop, (19900:57). tartiibaan walqabatee yaada jiru akkanatti ibsa, qabiyyeen barnootaa cimina sammuu barataa irratti hundaa'ee tartiibeffamuu yookaan duraa duubaan kaa'amu akka qabu kaa'ee jira. Kanaaf Kitaaba barataa kutaa 11ffaa utuu dhiyaannaa qabiyyeewwan xiinqooqaa irratti xiyyeeffatee akkaataa dandeettii barataa waliin wal madaalutti kaa'ee fedhiin barattoonni Afaan Oromoo barachuuf qaban ni dabala.

Gabatee 3. Dhiyaannaa Qabiyyee Jechaa

Boq	**Fuula**	**Xiinjechaa**	**Barann**	**Gilgaala**	**Xiyyaffannoo madaallii gilgaalichaa**
2	35	Maqaa	2	4	Maqaa addaan baasuu
2	35	Maqibsa	2	4	Maqibsa addaan baasuu
3	52	Bamaqaa	5	9	Bamaqaalee bakka matimaafi antimaa addaan baasuu
9	130	Jechoota tiishoo	4	8	Jechoota tiishoo ijaaruu
12	163	Gochimoota	5	9	Gochimoota addaan baasuu
14	183	Gochibsa	4	8	Gochibsa fayyadamuun himoota ijaaruu

Gabatee 3. irraa hubachuun akkuma danda'amu, dhiyaannaa qabiyyee xiinqooqaa keessaa xiinlatii jalatti kanneen ramadaman dhamjecha, maqaa, maqibsa, bamaqaa, dhamjecha, jechoota tishoo, gochimootaafi gochibsaaf xiyyeeffannoon kan kenname ta'a. Xiyyeeffannoo madaallii isaaniitiinis gabateen kun akkuma nu hubachiisu, dhamjechi tajaajila fufiilee agarsiisuu, maqaan maqaa addaan baasuu, maqibsi maqibsa addaan baasuu, bamaqaan bamaqaalee bakka matimaafi antimaa addaan baasuu dhamjechi dhamjechoota horteefi yaasaa addaan baasuu, tishoo addaan baasuu, gochimoota, gochimoota addaan baasuufi gochibsi gochibsa fayyadamuun himoota ijaaruu ta'a.

Hanqina Jechi tokko maqaa ta'uuf ulaagaa ittiin jechoonni maqaa jala galan tarreessuun ibsuu dhabuudha. Maqaan moggaasa waan tokkoo haa jedhamu malee ulaagaa ittiin jechoonni

maqaa jala galan adda baasuun barbaachisaadha. Gareen jechootaa nuti wa’ee isaanii hinbeekne akkaataa maxxanfannaa, bakka galumsaafi hiikaan maqaa jala galuu danda’u. Jechoonni baay’een isaanii {-ummaa, ina, eenya fi wkf} maxxanfachuun yoo argaman maqaa ta’u. Kana malees, bakka matimaa, aantimaafi bakka maqibsaa galuun tajaajiluu danda’a. Kun immoo, bakka galmaati. Gama hiikaatiin yoo ilaalle ammoo, moggaasa waan tokkoo jechuun nu hin rakkisu. Garuu, ulaagaan kun jechoota garee tokko jalatti waan fiduuf isa bu’uuraa hin ta’u. Fakkeenya, Kitaaba barataa kutaa 11ffaa ful.36 jalatti maqaa bu'uuraafi maqaa uumamtee jechuun addaan qoqqoodi jedhee jira malee. Waa'ee maqaa bu'uuraafi maqaa uumamtee Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa keessatti ibsi ga'aan kenname hin jiru. Kun immoo akkanumaan shaakala dhiyeesse malee xiyyeeffannoon qabiyyee kanatti akka hin kennamiin mirkaneessa. Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa keessatti osoo gadi fageenyaan ibsi bal'aan itti kennamee gaarii ta'a.

Gabatee 4. Dhiyaannaa Qabiyyee Himaa

Boqon.	Fuula	Xiinhima	Barannoo	Gilgaal	Xiyyeeffannoo madaallii gilgaalichaa
1	20	Caasihima	4	10	Himoota caasaa isaaniin qoqqooduu
5	79	Walsimannaa	2	4	Himoota keessaa matima, antimaafi gochima baasuu
6	94	Gaalee	3	5	Himoota keessaa gaalee addaan baasuu
6	94	Ciroo	3	5	Gaaleefi ciroo addaan baasuu
7	106	Gosootahimaa tajaajilaan	3	9	Gosoota himaa tajaajilaan ibsuu
7	112	Gosootahimaa caasaan	5	11	Gosoota himaa caasaan ibsuu
8	119	Hennaa ammeennaa	3	7	Maalummaa henna
8	121	Raawwama ammeennaa	3	8	Maalummaa raawwima ammeennaa
9	133	Hennaa amsiqaa	6	10	Himoota waan amma raawwatamaa jiran argisiisan addaan baasuu
10	141	Darbeennaafi raawwima darbeennaa	4	8	Faayidaa raawwima darbeennaa
11	149	Hennaa tarsiiqaa	4	8	Fakkeenya hennaa tarsiqaa
12	163	Hennaa murannaa	5	10	Maalummaa hennaa murannaa
13	174	Hennaa murannalaa	5	9	Maalummaa hennaa murannalaa

Gabatee 4. irraa hubachuun akkuma danda’amu, dhiyaannaa qabiyyee xiinqooqaa keessaa xiinhima jalatti kanneen ramadaman caasima, walsimannaa, gaalee, ciroo, gosoota himaa tajaajilaan, gosoota himaa caasaan, hennaa ammeennaa, hennaa amsiqaa, darbeennaafi raawwima darbeennaa, hennaa tarsiqaa, hennaa murannaafi hennaa murannalaaf xiyyeeffannoon kan kenname ta’uu isaati.

Xiyyeeffannoo madaallii isaaniitiinis gabateen kun akkuma nu hubachiisu caasimni himoota caasaa isaaniin qoqqooduu, walsimannaa himoota keessaa matima, antimaafi gochima baasuu, gaaleen himoota keessaa gaalee addaan baasuu, ciroon gaaleefi ciroo addaan baasuu, gosoota himaa tajaajilaan gosoota himaa tajaajilaan ibsuu, gosoota himaa caasaan ibsuu, hennaa ammeennaa maalummaa henna ammeennaa, hennaa amsiqaa himoota waan amma raawwatamaa jiru agarsiisan addaan baasuu, darbeennaafi raawwima darbeennaa faayidaa raawwima darbeennaa, hennaa tarsiqaa fakkeenya henna tarsiqaa, hennaa murannaa, maalummaa hennaa murannaafi hennaa murannalaa maalummaa hennaa murannalaa ta'a. Itti fufees, gabatee armaan olii keessatti qabiyyeewwan xiinqooqaa dhiyaatan xiiyyeeffannoo dhiyaannaa madaallii isaaniin ciminaafi hanqini isaanii akka armaan gadiitti qaacceffameera. Kitaaba barataa kutaa 11ffaa boqonnaa 5,barannoo 2, gilgaala 4 fuula 79 shaakalli walsimannaa matimaa, antimaafi gochimaa jedhu dhiyaate hinjiru.

1. Jaarsaafi jaartiin gorsa laatan	2. Tufaan kitaaba barreesse
matima jaarsaafi jaartii	matima Tufaan
antima gorsa	antima kitaaba
gochima laatan	gochima barreesse

Cimina Fakkeenya armaan oliifi deebii gilgaalaa Qajeelcha barsiisaa fuula 61 irratti dhiyeessee jiruufi yaadannoo isaa irraa kan hubannu ulaagaalee matimni, antimniifi gochimni ittiin wal simachuu danda'an kaa'uu isaa akka ciminaatti yoo hubanna.

Hanqina Gabatee 2fi 4 irraa hubachuun akkuma danda'amu haalli dhiyeessa xiinqooqaa kitaaba barataa kutaa 11ffaa boqonnaa 1, barannoo 4, gilgaala 8 irratti maalummaa birsagaa osoo hin heeriin dura waa'ee qoqqooddiifi caasaa birsagaa dhiyeessee jira. Itti fufee immoo hima boqonnaa 1, barannoo 4, gilgaala 10 irratti kaasee jira. Caasaa afaanii keessatti birsagaafi hima gidduu waan hedduuti jira. Kitaabni kun immoo caasaalee hedduurra utaalee hima dhiyeessee jira. Akkasumas shaakala dhaamjechaa boqonnaa 1fi 4 jalatti dhiyeessee jira. Shaakalli dhaamjechaa kun osoo walitti dhufanii boqonnaa tokko jalatti yookaan boqonnaa walitti aananii dhufan jalatti dhiyaatee gaarii ture. Amma garuu boqonnaa 2 jalatti waa'ee maqaa kaasee; boqonnaa 3 jalatti immoo waa'ee bamaqaa kaasee deebi'ee waa'ee boqonnaa 4 jalatti waa'ee dhaamjechaa kaasuun isaa kun immoo walsimannaa dhabuu haala dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jiran Kitaaba barataa kutaan11ffaa qabudha.

4.2. Qaaccessa Irra Deddeebii Qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Kitaaba Kutaa 11ffaa

Dameewwan xiinqooqaa haala irra deddeebii isaaniitii gabatee 5, 6fi 7 jalatti dhiyaatanii booda jechaan qaacceffamaniiru.

Gabatee 5. Qabiyyee Xiinsagaa Baay'ina irra deddeebiitiin

Xiinsaga	Baay'ina irra deddeebii	Boqonnaa	Barannoo	Gilgaala
Birsaga	1	1	4	8

Gabatee 5. Irraa hubachuun akkuma danda'amu qabiyyee xiinsagaa keessaatti kan ramadamu kitaaba barattootaa kutaa 11ffaa keessatti kan dhiyaate birsaga qofa yemmuu ta'u, boqonnaa 1 jalatti, barannoo 4 fi gilgaala 8 keessatti argama. Yaada kana irraas hubachuun akkuma danda'amu, faca'insa qabiyyee xiinsagaa damee xiinqooqaa kitaaba barattootaa kutaa 11ffaa keessaa xiinsaga jalatti kan ramadamu birsagani boqonnaa 1, barannoo 4, gilgaala 8 keessatti qofa kan dhiyaate ta'uu isaati. Haata'u malee, irra deddeebbiin boqonnaadhaa gara boqonnaatti yookiin seemisteeraa gara seemisteeraatti jiraachuun faayidaa akka qabu Bishop, (1995: 58) ni ibsa.

Hanqina Gabatee 5, irraa argamu, Xiinsagni KB kana keessatti altokko qofa waan dhiyaateef irra deddeebbii hinqabu jechuudha. Irra deddeebii dhabuun isaa kun immoo barattoonni salphaatti qabiyyee sana akka hin hubanne taasisa.

Gabatee 6. Qabiyyee Xiinjecha Baay'ina Irradeddeebiitiin

Jecha	Baay'ina irra deddeebii	Boqonnaa	Barannoo	Gilgaala
Dhaamjecha	2	1	4	9
		4	3	5
Maqaa	1	2	2	4
Maqibsii	1	2	2	4
Bamaqaa	1	3	5	9
Jechoota tishoo	1	9	4	8
Gochima	1	12	5	9
Gochibsa	1	14	4	8

Gabatee 6. hubachuun akkuma danda'amu, faca'insa qabiyyee seerluugaa kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa keessaa damee xiinqooqaa xiinjecha jalatti kanneen ramadaman, dhaamjecha,

maqaa, maqibsa, bamaqaa, jechoota tiishoo, gochimaafi gochibsa keessaa kan irra deddeebii qabu dhaamjecha qofa. Innis, boqonnaa 1fi 4 barannoo 4fi 3 keessatti gilgaala 9fi 5 keessatti yommuu ta'u, kanneen hafan martinuu irra deddeebii hin qaban jechuudha. Kanaafuu kitaaba barattootaa kutaa 11ffaa keessatti seerluuga keessaa kan dhiyaate yoo ta'ullee kan irra deddeebii qabu dhaamjecha qofa waan ta'eef qabiyyee xiinjecha keessatti dhiyaatan kanneen biroof xiyyeeffannaan irra deddeebii boqonnaadhaa gara boqonnaatti hin jiru jechuudha. Kunimmoo dhiyeessa xiinqooqaa irratti hanqina qabaachuu kitaaba kana argisiisa.

Gabatee 7. Qabiyyee himaa Baay'ina Irra deddeebiitiin

Hima	**Baay'na irra deddeebii**	**Boqonnaa**	**Barannoo**	**Gilgaala**
Caashima	3	1	4	10
		7	3	9
		7	5	11
Walsimannaa matimaa, antimaafi gochimaa	1	5	2	4
Gaalee	1	6	3	5
Ciroo	1	6	3	5
Hennaa	7	8	3	7
		8	3	8
		9	6	10
		10	4	8
		11	4	8
		12	5	10
		13	5	9

Gabatee 7ffaa irraa hubachuun akkuma dandaa'amu, argama qabiyyee xiinqooqaa KB kutaa 11ffaa keessaa xiinhima jalatti kanneen ramadaman caasima, walsimannaa matimaa, antimaafi gochimaa, gaalee, ciroofi hennaa keessaa kan irra deddeebii qaban gochimaafi hennaa qofa yoo ta'an, gochimni alsadii hennaan immoo altoorba irra deddeebiin dhiyaataniiru. Kanneen hafan martinuu garuu, kitaaba barattootaa kana keessatti altokko qofa dhiyaatan waan ta'eef irra deddeebii hin qaban jechuudha.

Qabiyyeen barnootaa kamiyyuu galma ga'iinsa kaayyoo barnootaatiif murteessaa ta'uu isaa hayyootni adda addaa ni ibsu. (Wudduufi Teferraa, 2006:18). Uwwisni qabiyyee barnoota tokko murtaa'ee taa'uun bal'inaafi gadifageenyaan kaayyoo barnootichaa galmaan ga'uuf deemamu hangam akka ta'e murteessusaadha jechuudha. Yaada kanarraa kan hubannus,

qabiyyeen tokko irra deddeebiin qabiyyee biroo yoo caalee dhiyaate, qabiyyeewwan irra deddeebii hin qabne xiyyeeffannoo akka dhabanidha. Qabiyyeen tokko xiyyeeffannoon baratamuu baannaan immoo kaayyoon barnootichaa galmaan ga'uu dhaba.

Hanqinni gabatee 7ffaa irraa mullatu wal madaalee dhiyaachuu dhabuu qabiyyee xiinqooqaati. Deebii afgaaffii barsiisotaa argames kanumaan wal qabata. Fakkeenyaa, gabatee 7ffaa irraa akka hubannutti Kitaaba barataa kutaa 11ffaa keessatti gochima alsadii; hennaa altoorba dhiyeessee jira. Kun immoo barsiisaafi barataa nuffisiisuu danda'a. Walumaa galatti, gabateewwan armaan olii irraa akkuma hubatamu qabiyyeen xiinqooqaa 13 gilgaalota 22 boqonnaa kitaabichaa 15 jalatti dhiyaatanii jiru. Qabiyyee dandeettii seer luugaa gabbisuu irratti fuulleffatanii dhiyaatan irra deddeebiin isaan boqonnaadhaa gara boqonnaatti qaban akka armaan gadiitti ibsamaniiru. Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 keessatti dameen xiinqooqaa jalatti qabiyyeewwan 13 dhiyaatan keessaa boqonnnaadhaa gara boqonnaatti irra deddeebii kan qaban gosa 3 yommuu ta'an isaanis, dhaamjechoota, caashimaafi hennaa ta'u. Kanneen hafan immoo: birsaga, maqaa, maqibsa, bamaqaa, jechoota tiishoo, gochima, gochibsa, walsimannaa antimaa,matimaafi gochimaa, gaaleefi ciroon kitaabichaaa keessatti yeroo tokko tokko qofa dhiyaatanii jiru. Bishop, (1995 fu. 58) garuu qabiyyeen tokko kitaaba tokko keessatti irra deddeebbii qabaachuun faayidaa akka qabu ni ibsu. Barattootni yeroo murtaa'e keessatti yaadachuudhaan akka barataniif yaada fooyya'e yookiin dandeettii barbaadame qabaachuuf akka isaan dandeessisutti haala itti dhiyaatudha jedha.

Gabatee 5ffaa,6ffaafi 7ffaa irraa hubachuun akkuma danda'amu kitaabni barataa kutaa 11ffaa boqonnaalee 17 keessaa boqonnaa 15'n jalatti dandeettiwwan seerluuga damee xiinqooqaa dhiyaatanii jiru. Boqonnaalee qabiyyeen xiinqooqaa keessatti hin argamne immoo boqonnaa 15, 16fi 17dha. Dandeettiwwan argaman kunneenis dameewwan xiinqooqaa: birsaga, dhaamjecha, caashima, maqaa, maqibsa, bamaqaa, jechoota tiishoo, gochima, gochibsa, hima, gosoota himaa, gosoota himaa caasaan, walsimannaa matimaa, antimaafi gochimaa, gaalee, ciroofi hennaadha. Kitaaba barattootaa kutaa 11ffaa keessatti dhaamjchi al lama kanneen biroon al tokko tokko qofa dhiyaatanii jiru.

Hanqina waliigalaa Gabatee 5ffaa, 6ffaafi 7ffaa kanarraa hubachuun akkuma danda'amu haalli dhiyeessa xiinqooqaa kitaaba barataa kutaa 11ffaa boqonnaa 1, barannoo 4, gilgaala 8 irratti maalummaa birsagaa osoo hin heeriin dura waa'ee qoqqooddiifi caasaa birsagaa dhiyeessee jira. Itti fufee immoo hima boqonnaa 1, barannoo 4, gilgaala 10 irratti kaasee jira. Caasaa afaanii keessatti birsagaafi hima gidduu waan hedduuti jira. Kitaabni kun immoo

caasaalee hedduurra utaalee hima dhiyeessee jira. Akkasumas shaakala dhaamjechaa boqonnaa 1fi 4 jalatti dhiyeessee jira. Shaakalli dhaamjechaa kun osoo walitti dhufanii boqonnaa tokko jalatti yookaan boqonnaa walitti aananii dhufan jalatti dhiyaatee gaarii ture. Amma garuu boqonnaa 2 jalatti waa'ee maqaa kaasee; boqonnaa 3 jalatti immoo waa'ee bamaqaa kaasee deebi'ee boqonnaa 4 jalatti dhaamjechaa kaasuun isaa kun hanqina walsimannaa dhabuu haala dhiyeessa xiinqooqaa kitaabni barataa kutaan 11ffaa qabudha.

4.3. Dhiyaannaa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Kitaaba Kutaa 12ffaa Keessatti

Dameewwan xiinqooqa Afaan Oromoo Kitaaba barataa kutaa 12ffaa keessatti argaman gooree gooreetti addaan qooduun ragaa sakkatta'a arshammeen argame xiyyeeffannoo madaallii waliin gabateedhaan dhiyaatee jala jalatti xinxalli isaanii haala kanatti aanee jiruun geggeeffameera.

Gabatee 8. Dhiyaannaa gabatee sagaalee

Boq.	**Fuula**	**Xiinsaga**	**Baranoo**	**Gilgaala**	**Xiyyeeffannoo madaallii Gilgaalichaa**
1	11	Sagalee dubbifamaa	3	5	Bakkaafi akkaataa uumama Dubbifamaa
1	14	Sagalee dubbachiisaa	3	6	Bakkaafi akkaataa uumama Dubbachiistuu
1	16	Dhamsagoota	3	7	Dhamsagoota addaan baasuu

Gabatee 8. irraa hubachuun akkuma danda'amu, argama qabiyyee xiinqooqaa kitaaba barattootaa kutaa 12ffaa keessaa xiinsaga jalatti kan ramadaman sagalee dubbifamaa, sagalee dubbachiisaafi dhaamsagootaaf xiyyeennoon kan kenname ta'a. Xiyyeeffannoo madaallii isaaniitiinis gabateen kun akkuma nu hubachiisu, sagaleen dubbifamaa bakkaafi akkaataa uumama dubbifamaa, sagaleen dubbachiisaas bakkaafi akkaataa uumama dubbachiiftuu, dhaamsagoota addaan baasuu ta'a. Akkasumas, gabatee armaan olii keessatti qabiyyeewwan Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jiran dhiyaatan xiiyyeeffannoo dhiyaannaa madaallii isaaniin ciminaafi hanqini isaanii akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Cimina Kitaaba barataa kutaa 12ffaa keessatti xiyyeeffannoo madaallii gilgaalaa waa'ee bakka uumama sagalee dubbifamaafi bakka uumama sagalee dubbachiisaa gabatee armaan olii keessatti dhiyaate fakkiwwan 1,2fi 3 jala jiruu deggeramee kaa'uu isaati

(K.B.A.O, Kutaa 12, 2005.fu.11)

Sagaleen dubbii bu'uura afaan hundaati. Qaamoleen dubbii sagalee dubbii uumuurratti ga'ee guddaa kan qaban ta'ee qaaruu olaanuufi isa gadaanu keessatti argamuu danda'u. Qaamoleen dubbii qaaruu ol aanu hidhii olii, ilkaan olii irga, laagaa arraba xiqqee yoo ta'an kanneen afaan gadaanuu ammoo hidhii gadii, ilkaan gadii, arrabaafi kokkee maqaa dha'uun ni danda'ama (O'G grady 1996 ; Finch 2005).

Hanqina Fakkii armaan olii ilaalchisee kitaaba barataa irratti sagaleefi dhaamsaga jedhee eegala malee sagalee dubbii isa kam akka ta'e jalqabarra wanti lafa kaa'ame hin jiru. QB irrattis sagalee dubbiifi qaamolee dubbii jedhamalee waa'ee sagalee dubbifamaafi sagalee dubbachiiftuu ibsi kenname hin jire. Osoo akkuma shaakala fakkii deggerame dhiyeesse ibsa bal'aa duukaa dhiyeesse ta'ee salphaatti hubachuun danda'ama.

A. Qaamolee fakkii oliirratti xiyyaan agarsiifaman bakka duwwaa kanaan gadiirratti tarreessi.

a. laagaa jabaa	b. irga
c. fuul-dura arrabaa	d. hidhii lamaan
e. ilkaan	i. amartii dibbee sagalee

Fakkii-1 ilaalchisee Shaakala A irraa akkuma hubannu qaamolee fakkii irratti xiyyaan argisiifaman bakka duwwaa irratti argisiisuun gaarii ta'ee osoo jiruu, a, e fi i fayyadamuun isaa hanqina. Sababni isaas, a,e.fi i'n as keessa galchuun sagaleen dubbachiiftuufi dubbifamaan waan bakka tokko irratti uumaman fakkaassee nama burjaajessuu danda'a. Kanaaf osoo qubee dubbifamaa biroo bakka buusee gaarii ta'a.

B. Qaamolee (A) jalatti tarreessite kan a'oo olaanuufi a'oo gadaanuu keessatti argaman addaan baasi.

Qaamolee dubbii a'oo olii	**Qaamolee dubbii a'oo gadii**
1. Hidhii olaanu	hidhii gadaanu
2. ilkaan olaanu	ilkaan gadaanu

Fakkii-kitaaba barataa irraa, ilaalchisee shaakall B irraa hubannu bakka gurguddaa lama a'oo olaanaafi a'oo gadaanaatti qooduun dhiyeessuun isaa gaariidha.

C. Fakkicharratti hundaa’uun kutaalee arrabaa bakka duwwaa kanaan gadiirratti barreessi.

1. fiixee arabaa 2. fuuldura arrabaa
3. walakkaa arrabaa 4. duuba arrabaa

Fakkii kitaaba barataa irratti hundaa'ee fakkeenyi -c' kun kutaa arrabaa irratti hundaa'uu sagalee dubbifamaa bakka afuritti qoodee jira. Garuu garaagarummaa dubbifamaa fiixee, arrabaa fuudura arrabaa, walakkaa arrabaafi duuba arrabaa irratti uumamaniifi dubbachiiftuu fiitee arrabaa, fuuldura arrabaa, walakkaa arraabaafi duuba arrabaa irratti uumamanii yaanni akka hubannootti taa'e kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessaa dhibuun hanqina. Osoo qofaatti fakkii arrabaan deggeree ibsee; garaagarummaa bakka uumama dubbifamaafi dubbachiiftuu osoo kaa'ee caalaatti qabatamaa ta'a ture.

Sochii arrabaa fuulduraafi duubaa, oliifi gadifi walakkaa irratti hundaa'uun akkaataa sagaloonni dubbachiiftuu itti uumaman adda baasuuf kan gargaarudha. Kitaaba barataa keessatti dubbachhiftuufi qaamolee dubbiin qabiyyeen walqabatan: Boqonnaa 1, Barannoo 3, Caasluga, Gilgaala 6, fuula 14 irraa eegalee mataduree sagaleefi dhaamsagoota jedhu keessatti kaa'ee jira. Fakkii armaan olii ilaalchisee: i, e fi a'n diriiraa yookaan miti amartee ta'uu argisiisee jira ufi o'n amartee ta'uu argisiisee jira.

Hanqina Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa keessatti fakkiidhaan kaa'uu qofa malee ibsi ga'aan fakkeenyaan deggerame jiraachuu dhabuudha. Deebii afgaaffii barsiisotaa irraa qorataan argates, isuma kana dhugoomsa. Akka kanatti yeroo taa'u dandeettii barata waliinis kan wal madaalu miti. Kanaaf, akkuma fakkiwwaniin deggaramee shaakala dhiiyeesse Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa keessatti ibsa waliin utuu kaa'eera ta'ee dandeettii barattootaa waliin wal madaala. (K.B.A.O, Kutaa 12, 2005.fu.14)

Gabatee 9. Haala Dhiyaannaa Qabiyyee Dhaamjechaa

Boq.	**Fuula**	**Dhaamjecha**	**Barannoo**	**Gilgaala**	**Xiyyeeffannoo madaallii**
5	54	Dhamjecha	3	5	Dhamjechoota fo’uu
7	76	Dhamjecha uumamtee	3	8	Maalummaafi faayidaa isaa

Gabatee 9. irraa hubachuun akkuma danda'amu, dhiyaannaan qabiyyee xiinqooqaa dhaamjechaa jalatti maalummaa dhaamjechaa adda baasanii fo'uu, maalummaa dhaamjecha uumamteefi faayidaa dhaamjecha uumamtee kan argisiisudha. Akkasumas, gabatee 9 keessatti qabiyyeewwan xiinqooqaa dhiyaatan keessaa xiiyyeeffannoo madaalliin dhaamjechaa gabatee keessatti dhiyaate akka armaan gadiitti qaacceffameera.

Hanqina Gabatee irraa mul'atu haalli dhiyaannaa xiinqooqaa kitaaba kutaa 12ffaa keessatti qindoomina kan hin qabne ta'uu isaati. Qorataa kanas ta'e, barsiisonni afgaaffiin kun dhiyaateef yaaduma olitti ibsame kana mirkaneessan. Fakkeenya A: Kitaaba barataa boqonnaa 5, caasluga, shaakala dhamjechootaa gilgaala 5D, fuula 54 irratti dhamjechoota Bfi C' jalatti addaan baafte akaakuu dhamjechootaa armaan gadii jalatti ramadi jedhee haala kanatti aanee jiruun qoodee jira.

Gabatee 10. Shaakala dhaamjechaa

Dhaamjecha			
Hirkataa	Walaba	Hundee	Fufii

Gabatee-10 kana yoo ilaalle Kitaaba barataa kutaa 12ffaa bara 2005 qophaa'e akaakuu dhamjechootaa Afaan Oromoo bakka afuritti qoodee jira. Haata'u malee, kitaaba kana irratti akaakuu dhamjechootaa haala asii oliin qoodaman kana jalatti fakkeenyi kennamee hin jiru. Kun dhibuun immoo barattoonni hubannoo akka hin arganne taasisa. Hubannoo barsiisonni akaakuu dhamjechootaa ilaalchisuun duraan qabanis akka harkaa waldha'u taasisa. Sababni isaas, akaakuun dhamjechootaa bakka lamatti kan qoodaman yoo ta'an as irratti bakka afuritti qoodamuufi dhamjecha hirkataafi fufii garaagara taasisee dhiyeessuudha. Garuu, dhamjecha hirkataafi fufiin garaagarummaa hinqaban

Gabatee 11. Dhiyaannaa Qabiyyee Xiinjechaa

Boq.	Fuula	Jecha	Baranno	Gilgaala	Xiyyeeffannoo madaallii Gilgaalichaa
2	22	Maqaafi gosoota isaa	2	4	Maqaa addaan baasuu
3	32	Diigala	2	4	Diigala ijaaruu
4	46	Maqibsa	2	4	Maqibsoota baasuu
6	62	Durduubee	2	4	Maalummaa durduubee
6	66	Gochima	2	7	Maalummaa fi tajaajila gochimaa
7	75	Gochima	3	5	Gochima jala sararuu
7	75	Gochim darbeeyyiifi Faaldarbeeyyii	3	6	Darbeeyyiifi hafoo addaan baasuu
7	75	Gochimoota muummeefi Gargaartuu	3	7	Gochimoota muummeefi gargaartuu addaan baasuu
7	77	Bamaqaa	3	9	Bamaqaa addaan baasuu
8	85	Gochibsa	2	4	Gochibsa jala sararuu
8	86	Gochibsa yeroo	2	5	Gochibsa yeroo addaan baasuu
8	86	Gochibsa iddoo	2	6	Gochibsa iddoo addaan baasuu
8	87	Gochibsa akkaataa	2	7	Gochibsa akkaataa addaan baasuu
8	87	Gochibsa meeshaa	2	8	Gochibsa meeshaa addaan baasuu
16	157	Bamaqaa iyyafannoo	2	5	Bamaqaa iyyaafannoo addaan baasuu
18	170	Durduubee	2	4	Maalummaa durduubee
18	171	Gosoota durduubee	2	5	Gosoota durduubee
18	171	Durduubee hirkatoo,ofdan da’oo	2	6	Durduubee hirkatoofi ofdanda’oo addaan baasuu

Gabatee 11. irraa hubachuun akkuma danda'amu, dhiyaannaan qabiyyee xiinqooqaa xiinjechaa jalatti kanneen ramadaman maqaafi gosoota isaa, diigala, maqibsa, durduubee, gochima, gochima darabeeyyiifi faaldarabeeyyii, gochoma muummeefi gargaartuu, bamaqaafi gosoota bamaqaa, gosoota gochibsaafi gosoota durduubeef xiyyeeffannoo kan kenname ta'a. Xiyyeeffannoo madaallii isaaniitinis gabateen kun akkuma nu hubachiisu, maqaa addaan baasuu, diigala ijaaruu, himoota keessaa maqibsoota baasuu, maalummaafi tajaajila gochimaa, bamaqaa addaan baasuu, gochibsa jala sararuu, gosoota gochibsaa addaan baasuu, bamaqaa iyyaaffannoo addaan baasuu, maalummaafi gosoota durduubee addaan baasuu ta'a. Itti aansuudhaanis, gabatee 11 keessatti qabiyyeewwan Caasaalee Dhaamsagaa – Himaatti Jirani dhiyaatan keessaa xiiyyeeffannoo madaallii isaanii kanneen hanqina of keessaa qaban akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Kitaaba barataa keessatti dhamjechoota matima mal'isaniin qabiyyeen walqabatan: Gabatee 11ffaa irraa akka hubannutti mataduree maqaafi gosoota isaa jedhu keessatti, faayidaan fufiilee, akkaataa fufiilee itti fudhataniifi bakka argama isaaniitiin maqaa jala galu jechuun haala kanatti aanee jiruun dhiyaatee jira.

a. Tufaan manneen lama ijaarrate.
b. Oromiyaan guddina misoomaatiin daran tarkaanfachaa jirti, (Kitaaba barataa, kut.12 F=22).

Himoota armaan olii lamaan keessatti, Tufaafi Oromiyaa jechoonni jedhan bakka matimaatti matima mul'istuu {-n} fudhachuun kan mul'atanidha, jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu faayidaa dhamjechootaa keessaa tokko matima mul'isuuf kan oolan ta'uudha. Dhamjechoonni matima mul'isan kunis karaa boodaa maqaa irratti fufamu.

a. Utubaan manaa abbaa warraafi haadha warraati.
b. Mootiin kabaja biyyaati.
c. Godaansi uummataa baay'inaan gara magaalaatti.
d. Lafti magaalaa akka baadiyaa bal'ina hinqabu, (Kitaaba barataa, kuaat 12 Ful-22).

Himoota kanneen ilaalchisee deebiin Qajeelcha barsiisaa irratti kennamee jiru, "himoota kanneen keessatti: utubaan, mootiin, godaansiifi lafti {-n, -i,fi –ti} fufachuun maqaa ta'an," jedha, (Qajeelcha barsiisaa F=23-34) Hanqina- Jechoonni asii olitti ibsaman kunneen fufiilee kana osoo hinfufatiin gareen isaanii maqaa akka turan ibsamuu qabu turan. Fufiileen kunneen maqaan tokko akka matimaatti kan tajaajilan ta'uu isaa ibsa malee, maqaa gara maqaatti kan jijjiiran maqeessitoota miti. Maqaan hima keessatti jalqaba himaarratti argamuun dhamjechoota matima mul'isan {-n, -ni, -tifi –i} fufachuun qaama gocha raawwatu (matima) ta'u, (Geetaachoo, 2009:81). Kanaaf, fakkeenyi Kitaaba barataa gilgaala kana keessatti kennameefi deebiin Qajeelcha barsiisaa irratti kenname kan walhinsimne waan ta'eef, qaamni dhimma kana irratti hojjetu walsimsiisee osoo dhiyeessee gaarii ta'a.

Cimina- Akka ciminaatti as keessatti wanti ilaalamu, matima mul'istoota adda baasee ibsuu isaati. Akka waliigalaatti; matima mul'istoonni maqaa haadhoo, uumamteefi maqaalee dhamjechoota hortee fudhachuun uumaman irratti kan mul'atan ta'uufi gahee isaan barnoota afaanii keessatti qaban hiika yookaan garee jechootaa jijjiiruu osoo hin ta'in caasaa afaanichaa sirreessuuf: raawwataa gochaa (matimaa), kan gochi irratti raawwatame (antima) fi lakkoofsa yookaan heddumina maqaa kan argisiisan irratti dabalamee galuu danda'u.

Hanqina Jechi tokko maqaa ta'uuf ulaagaa ittiin jechoonni maqaa jala galan tarreessuun ibsuu dhabuudha. Maqaan moggaasa waan tokkoo haa jedhamu malee ulaagaa ittiin jechoonni maqaa jala galan adda baasuun barbaachisaadha. Gareen jechootaa nuti wa'ee isaanii hinbeekne akkaataa maxxanfannaa, bakka galumsaafi hiikaan maqaa jala galuu danda'u. Jechoonni baay'een isaanii {-ummaa, ina, eenya fi wkf} maxxanfachuun yoo argaman maqaa ta'u. Kana malees, bakka matimaa, aantimaafi bakka maqibsaa galuun tajaajiluu danda'a. Kun ammo, bakka galmaati. Gama hiikaatiin yoo ilaalle ammoo, moggaasa waan tokkoo jechuun nu hinrakkisu. Garuu, ulaagaan kun jechoota garee tokko jalatti waan fiduuf isa bu'uuraa hinta'u.

Fakkeenya Kitaaba barataa kutaa 12ffaa ful. 24 jalatti maqaa haadhoofi maqaa uumamtee jechuun gabatee kenname keessatti guuti. Jedhee jira malee. Waa'ee maqaa haadhoofi maqaa uumamtee kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti ibsi ga'aan kenname hin jiru. Kun immoo yaaduma shaakala dhiyeesse malee xiyyeeffannoon qabiyyee kanatti akka hin kennamiin mirkaneessa. Kanaaf kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti osoo gadi fageenyaan ibsi bal'aan itti kennamee gaarii ta'a.

Afaan Oromoo keessatti maqibsiin hennaa argsiisan gochimoota irratti mul'atu. Dhamjechoonni kunis, gochimoota gargaartuufi muummicha irratti fufamuun hennaa darbe, hennaa ammaafi hennaa dhufu ibsu, jedha, (Geetaachoo, 2009:86). Shaakalli maqibsii boqonnaa 4 barannoo 2 gilgaala 4 jalatti dhiyaatee jira.

A. Ibsootaafi fakkeenya armaan gadiirratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aanan deebisi.

a. Sangaa dheeraa bite

b. Inni barataa colleedha.

Maqibsi (a) jalatti jala sararame kutaa gaalee maqaa keessa waan jiruuf, maqoomsaa, inni (b) jalaa daangaa gaalee gochimaa keessa waan jiruuf kutimoomsaadha.

a. Kitaaba kam bitte?

b. Biyyi kun keenya.

Fakkeenya kana keessatti ammoo jechi 'Kam' jedhu maqibsa gaaffii yoo ta'u, 'kun' kan jedhu maqibsa akeektuuti. Maqibsi qabeenya agarsiisu ammoo 'keenya' kan jedhu ta'a jechuudha. (Ful=46). Maqibsi garee jechootaa keessaa isa tokko ta'ee waa'ee maqaa odeeffannoo dabalataa kan nuuf kennudha, Afaan Oromoo keessatti yeroo hunda maqaa booda dhufa. Gareen jechaa kana maqibsaa bu'uuraafi maqibsa uumamtee jechuun bakka

lamatti qooduu dandeenya. Maqibsiin bu'uuraa kan durumaanuu afaanichaa keessa jiru yoo ta'u, maqibsii uumamteen garuu gareewwan jechootaa garagaraarraa kan uumamaniidha.

a. Nama dheeraa arge.
b. Sangaa guddaan sun bareechee qota.
c. Nama huqqataa

Akkuma fakkeenya kanarraa hubannu jechoonni garaagaraa uumamuun akkasumas, bifa isaanii bu'uuraa qabachuun argamu.

Fakkeenyaaf, jechoonni jala muraman maqibsoota. Warri duuraa lamaan maqibsa bu'uuraa yoo ta'an, inni (3) irraa garuu gochimni huqqate' jedhu {-aa} fudhachuun maqibsa waan ta'eef, uumamteedha. Gamabiraatiin, maqibsoota bakka adda addaatti qoonnee ilaaluu dandeenye. Tajaajilaan maqibsa akeektuu , maqibsa qabeenyaa, maqibsa gaaffii, maqibsa maalummaafi wkf jechuun xiinxaluu dandeenya. Maqibsi qabeenyaa abbaan qabeenyaa tokko eenyuun akka ta'e agarsiisu

a. Mana koo
b. Ijoollee keenya
c. Hojii isaanii
d. Fira ishee

Kanaafuu, kanneen jala sararaman qabeenyaa waan agarsiisaniif, maqibsa qabeenyaa jennaan. maqibsi gaaffiis waan tokko iyyaafachuuf jechoota nu fayyadanidha. Isaanis 'kam? Eenyuu? fi wkf agarsiisfamuu danda'u. Maqibsi maalummaa ammoo, jechoota bifaafi amala agarsiisaniin dhiyaata.

a. Namni garraamiin hinbadu
b. Intala bareedduun arge.
c. Sangaa gurraacha bite.

Fakkeenya kana keessatti jechoonni jala sararaman bifaafi amala agarsiisu. Garraamummaa amalaan yoo ta'u, bareedinniifi gurraachinni ammoo bifaan ta'u. Kana malees, maqibsoonni hanga waan tokkoo agarsiisaniis ni jiru. Maqibsoonni kunis, furdaa, gabaabaa, dheeraa bal'aafi wkf fa'i (Abarraafi kaawwan 1998; Addunyaa 2010). (QB ful.39 fi 41)

Walumaa galatti fakkeenyota armaan olii irraa kan hubannu Qajeelcha barsiisaa maqibsii irraatti xiyyeeffannoo kennee fakkeenyaan deggeree ibsuun isaa Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti haala gaariin dhiyaachuu isaa hubanna.

Gabatee 12. Dhiyaannaa Qabiyyee Xiinhimaa

Boq.	**Fuula**	**Hima**	**Barannoo**	**Gilgaala**	**Xiyyeeffannoo madaallii Gilgaalichaa**
3	33	Hennaa	2	5	Maalummaa henna
3	34	Gaalee	2	6	Ulaagaalee gaalee, mataa, murteessituu, miiltoo
6	63	Walsimannaa	2	5	Rakkoo walsimannaa addaan baasuu
6	65	Aantima	2	6	Maalummaafi tajaajila aantimaa
8	88	Otoolaafi otoolta'aa	2	9	Maallummaa otoolaafi otoolta'aa
10	102	Gaalee	2	5	Gaalee addaan baasuu
10	102	Ciroo	2	6	Gosoota ciroo

Gabatee 12. irraa hubachuun akkuma danda'amu, haalli dhiyaannaa qabiyyee xiinqooqaa damee xiinqooqaa xiinhima jalatti kanneen ramadaman hennaa, gaalee, walsimannaa, aantima, otoolaafi otolta'aaf xiyyeeffannoon kan kenname ta'uu isaati. Xiyyeeffannoo madaallii isaaniitiinis gabateen kun akkuma nu hubachiisu hennaan maalummaa hennaa, gaaleen ulaagaalee gaalee, mataa, murteessituufi miiltoo, walsimannaan rakkoo walsimannaa addaan baasuu, aantima maalummaafi tajaajila aantimaa, Otoolaafi otoolta'aa maallummaa otoolaafi otoolta'aa ta'a. Akkasumas, gabatee armaan olii keessatti qabiyyeewwan Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani dhiyaatan keessaa xiiyyeeffannoo madaallii isaanii kanneen hanqina of keessaa qaban akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni hennaa argsiisan gochimoota irratti mul'atu. Dhamjechoonni kunis, gochimoota gargaartuufi muummicha irratti fufamuun hennaa darbe, hennaa ammaafi hennaa dhufu ibsu, jedha, (Geetaachoo, 2009:86). Dhamjechoonni hennaalee argisiisan kun Kitaaba Barataa keessatti haala akkamiin akka dhiyaatanii jiran asii gaditti qaacceffamee dhiyaateera.

a. Kaleessa mana barumsaa deem**e**.

b. Bor Finfinnee dhaq**a**.

Cimina Kitaaba barataa boqonnaa 3, barannoo 2, gilgaala 5, shaakala hennaa fuula 33 irratti fakkeenya kenname keessatti: faayidaa dhamjechoota {-e, -a} yoo ibsu, {-e}n gocha raawwatame; {-a}n gocha hinraawwatamne ibsuuf gargaara. Wanti raawwatame tokko yeroo itti raawwatame qaba. Kun immoo {-e}n hennaa darbe, (-a}n ammoo hennaa egeree akka ibsan kitaabni kun lafa kaa'ee jira. Dhamjechi {-a} bor kan jedhu waliin haala raawwii hennaa dhufuu akka ibsu qorataan kun ibseera. Yaada kana irraa wanti hubatamu faayidaa dhamjechootaa keessaa tokko hennaa ibsuudha. Haaluma kanaan, Qajeelcha barsiisaa fuula 31 irratti kaayyoo guddaan gilgaala kanaa haala raawwiifi yeroo raawwii dhamjechoonni argisiisan adda baasuuf akka ta'e ibsee jira. Afaan Oromoo keessattis, fufiin haala raawwii darbee mul'istu {-e} yoo ta'u, haala raawwii hindarbinee kan mul'isan immoo {-a, -i,-u} ta'uu danda'u jedha. Dhamjechoonni yeroo argisiisanis, {jir-fi tur-} kan jedhamanidha.

a. Deem**aa** jir**a**.

b. Deem**ee** tur**e**.

c. Deem**uuf** jir**a**. (Qb fuula 31).

Hanqina Fakkeenya 1ffaa kana keessatti dhamjechoonni {-aa, jir-, -a} haala raawwii gocha raawwatamaa jiruu, fakkeenya 2ffaa keessatti {-e, tur-} haala raawwii gocha darbee, fakkeenyaa 3ffaa keessatti tajaajila dhamjechoonni jala muraman argisiisan ibsamee hinjiru.

Cimina Haata'u malee, dhamjechoonni jala muraman kun {-uuf} gocha fuulduratti raawwatamuuf deemu yoo ibsu {jir-, a} gochichi haaraawwatamus, haadhiisus yeroo ammaa kana irraa kan eegalu ta'uu isaa ibsa. Kanaaf, wanti qaaccessa kana irraa hubatame Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa dhamjechoota hennaa ibsan haala asii gadiin tokko tokkoon yoo ibsuu baateyyuu haala kanaan dhiyeessuun isaa gaariidha. Faayidaa dhamjechoonni hennaa argisiisuu keessatti qaban, (Geetaachoo, 2009:86-90) yoo ibsus,

1. Gocha hennaa darbee, {-e} , Fkn: Mucaan rafe.
2. Gocha hennaa ammaa, kan yeroo hundaafi fuulduraa, {ni- … -a(-i)},
3. Fkn: Ganama ganama mana barumsaa nideema(ti).
4. Gocha hennaa ammaafi fuulduraa yookaan yeroo dhufuu,-uuf,Fkn: Finfinnee deemuuf.

5. Gocha raawwatamaa ture,{ -aa … -e}, Fkn: Caalaa barachaa ture.
6. Gocha raawwatamaa jiru, {-aa … -a(-i)}, Fkn: Caalaan barachaa jira.
7. Gocha fuulduratti fufiinsaan raawwatamu, (-aa …-a,} Fkn: Bor sirbaa oola.

Qorataanis, dhamjechoonni hennaa haala asii olii kanaan dhiyaachuun gaariidha jedhee waan yaaduuf, Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa keessatti bifa kanaan osoo dhiyaate, barattoonni faayidaa dhamjechoonni hennaa ibsuu keessatti qaban karaa salphaa ta'een ni hubatu jedha. Kanaaf, dhamjechoonni caasaa hennaalee argisiisan tokko tokkoon adda baanii haala qindaa'aa ta'een Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa keesatti walsimsiisanii dhiyeessuun guddina caasaa barnoota Afaan Oromoof murteessaadha.

Qabiyyeen gaalee kitaaba barattootaa kutaa 12ffaa keessatti boqonnaa sadii (3) mataduree dubbisa **Beekumsa** jedhu jalatti barannoo 2 gilgaala 6 keessattiifi boqonnaa 10 mata duree dubbisaa **Babal'ina Barnoota Olaanoo** jedhu jalatti barannoo 2 gilgaala 5 shaakala gaaleefi ciroo himoota keessaa jechuun kan eegalu yemmuu ta'u, haala dhiyeessa shaakala gaalees haala armaan gadiitiin qaacceffameera.

a. Sangaa gudda
b. Sangaa adii guddaa sana argachuun
c. Sangaa argatte adii guddaa sana
d. Sangaa foonii adii guddaa argatte sana
e. Sangaa argatte sana *(*KB, kut.12 fu= 34)

Hanqina Shaakala kana irraa akkuma hubachuun danda'amu, walhammannaan jechootaa hundi ulaagaa gaalee kan guutuufi kan hin guunne ta'uu isaa wanti ibsame Kitaaba barataa keessa hin jiru. Walaammaannaan hundi garuu gaalee ta'uu dhiisuu mala. Kan gaalee ta'u ulaagaalee guutuu qaban keessaa wal-hidhiinsa, bakka bu'iinsaafi miseensi biraa caasaa sana gidduu kan hingalledha. Kanaaf akka barataafi barsiisaaf hubatamutti osoo ibsee kaa'ee gaarii ta'a.

a. Mana guddaa sana
b. Mana kitaabaa deeme. (KB, kut.12 fu=34)

Mataa	miiltoo	murteessituu
Mana	guddaa	sana
Deeme	manakitaabaa	

Fakkeenya B, irraas hubachuun akkuma danda'amu, Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa keessatti fakkeenya garaa garaa kennuun kanneen akka mataa, miiltoofi murteessituu

salphaatti akka addaan baasan taasisuu isaati. Akkasumas, shaakalli dhiyaatan gosoota gaalee adda addaa kan ofkeessaa qabanidha. Dabalataanis boqonnaa 10 jalatti haala armaan gadiin shaakala dhiyeesseera.

Gaalee Ciroo himoota keessaa addaan baasi.

1. Galgaloon dhufe.
2. Dureettiin Herrega qo'atti.
3. Haati ijoolleef qoricha.
4. Inni gara mana abbaa isaa deeme.
5. Tolaan obbolaa lama qaba.
6. Firaa'ol nama gaariidha.
7. Kennasaan mucaa qaxaleedha.
8. Gadheen waa'ee safuu hinbeektu.

Hanqina Shaakala kana irraa wanti hubatamu kitaabni barataa gaaleefi ciroo hima keessaa akka baasaniif ajajee jira. Kun immoo jalqaba waa'ee gaaleefi ciroo adda baasanii beekuu barbaachisa. Kanaaf garaagarummaafi wal fakkeenya gaaleefi ciroo haala ifaa ta'ee kitaaba barataa keessatti osoo dhiyaatee gaarii ta'a.

4.4. Qaaccessa Irra Deddeebii Qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani kutaa 12ffaa Keessatti

Dameewwan xiinqooqaa barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12ffaa keessatti dhiyaatan baay'ina irra deddeebii isaaniitii gabatee 13, 14, 15fi 16 keessatti erga dhiyaatanii booda jechaan qaacceffamaniiru.

Gabatee 13. Qabiyyee Sagaleefi Dhaamsaga Baay'ina Irradeddeebiitiin

Sagalee	Baay'ina irra deddeebbii	Boqonnaa	Barannoo	Gilgaala
Sagalee Dubbifamaa	1	1	3	5
Sagalee Dubbachiisaa	1	1	3	6
Dhaamsagoota	1	1	3	7

Gabatee 13 irraa hubachuun akkuma danda'amu, argamni qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa – Himaatti Jiran Kitaaba barataa kutaa 12ffaa keessaa xiinsaga jalatti kan ramadaman sagalee dubbifamaa, sagalee dubbachiisaafi dhamsagni altokko tokko qofa dhiyaatani. Kanaafuu, kitaaba barattootaa kutaa 12ffaa keessatti altokko qofa waan dhiyaataniif hundi isaaniiyyuu irra deddeebbii hin qaban jechuudha.

Gabatee 14. Qabiyyee Dhaamsagootaafi dhaamjechootaa baay'ina irradeddeebiitiin

	Baay'ina irra deddeebbii	**Boqonnaa**	**Barannoo**	**Gilgaala**
Dhaamjechoota	3	5	3	5
		6	2	8
		7	3	8

Gabatee 14. irraa hubachuun akkuma danda'amu, argama qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Kitaaba barataa kutaa 12ffaa keessaa dhamjechi alsadii irra deddeebbiin mul'ateera.

Hanqinni, irraa deddeebii dhaamjechootaa gabatee 14.irraa mul'atu Kitaaba barataa keessatti qabiyyee tajaajilaan walfakkaatan Kitaaba barataa boqonnaa 5 gilgaala 5' D' irratti akka waan garaa gara ta'aniitti erga dhiyeessee booda boqonnaa 7 gilgaala 8 jaltti immoo dhaamjechoota hirkatoofi fufii iddoo tokkotti kaa'ee jiraachuudha.

Gabatee 15. Qabiyyee Jechaa Baay'ina Irradeddeebiitiin

Jechoota	**Baay'ina irra deddeebbii**	**Boqonnaa**	**Barannoo**	**Gilgaala**
Maqaafi gosoota isaa	1	2	2	4
Diigala	1	3	2	4
Maqibsoota	1	4	2	4
Durduubee	4	6	2	4
		18	2	4
		18	2	5
		18	2	6
Gochima	4	6	2	7
		7	3	5
		7	3	6
		7	3	7
Bamaqaa	2	7	3	9
		16	2	5
Gochibsa	5	8	2	4
		8	2	5
		8	2	6
		8	2	7
		8	2	8

Gabatee 15ffaa irraa hubachuun akkuma danda'amu, argamni qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa-Himaatti Jirani Kitaaba barataa kutaa 12ffaa keessaa xiinjecha jalatti kannneen ramadaman, maqaafi gosoota isaa, diigala, maqibsoota, dhamjechoota, durduubee, gochima, bamaqaafi gochibsa keessaa kan irra deddeebbii hinqabne maqaafi gosoota isaa, diigalaafi maqibsoota yemmuu ta'an, kanneen hafan hundinuu irra deddebbiin isaanii kan walcaalu yoo ta'ellee irra deddeebbii qabu. Isaan keessaas irra deddeebbii yeroo baay'ee kan qabu gochibsa yemmuu ta'u, innis alshan irra deddeebi'ee mul'ateera. Durduubeefi gochimni ala fur afur yemmuu deddeebbiin mul'ataan. Akkasumas, bamaqaan yeroo lama irra deddeebbiin mul'ateera.

Gabatee 16. Qabiyyee Himaa Baay'ina Irradeddeebiitiin

Hima	**Baay'ina irra deddeebbii**	**Boqonnaa**	**Barannoo**	**Gilgaal**
Hennaa	1	3	2	5
Gaalee	2	3	2	6
		10	2	5
Walsimannaa	1	6	2	5
Aantima	1	6	2	6
Otoolaafi otolta'aa	1	8	2	9
Ciroo	1	10	2	6

Gabatee 16ffaa irraa hubachuun akkuma danda'amu, argmni irra deddeebii qabiyyee Caasaa dhaamsagaa- himaatti Kitaaba barataa kutaa 12ffaa keessaa xiinhima jalatti kannneen ramadaman hennaa, gaalee, walsimannaa, aantima, otoolaafi otolta'aa keessaa kan irra deddeebbii qabu gaalee qofa yemmuu ta'u , innis al lama irra deddeebbi'ee mul'ateera. Kanneen hafan martinuu garuu, kitaaba barattootaa kana keessatti altokko qofa dhiyaatan waan ta'eef irra deddeebbii hinqaban jechuudha.

Walumaa galatti, gabatee 13, 14, 15fi 16ffaa irraa akkuma hubatamu qabiyyeen xiinqooqaa 17 gilgaalota 31 boqonnaa kitaabichaa 11 jalatti dhiyaatanii jiru. Qabiyyee dandeettii seer luugaa gabbisuu irratti fuulleffatanii dhiyaatan irra deddeebiin isaan boqonnaadhaa gara boqonnaatti qaban akka armaan gadiitti ibsamaniiru. Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa keessatti Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani jalatti qabiyyeewwan 17 dhiyaatan keessaa boqonnnaadhaa gara boqonnaatti irra deddeebii kan qaban gosa 6 yemmuu ta'an, isaanis: dhamjechoota, durduubee, gochima, bamaqaa, gochibsafi gaalee ta'u. Kanneen

hafan immoo: sagalee dubbifamaa, sagalee dubbachiiftuu, dhaamsagoota, maqaafi gosoota isaa, diigala, maqibsoota, hennaa, walsimannaa, antimaa, otoolaafi otoolta'aafi ciroon kitaabicha keessatti yeroo tokko tokko qofa dhiyaatanii jiru. Bishop, (1995 fu. 58) garuu qabiyyeen tokko kitaaba tokko keessatti irra deddeebbii qabaachuun faayidaa akka qabu ni ibsa. Barattootni yeroo murtaa'e keessatti yaadachuudhaan akka barataniif yaada fooyya'e yookiin dandeettii barbaadame qabaachuuf akka isaan dandeessisutti haala itti dhiyaatudha jedha.

Qorataan ulaagaa maadaallii kitaabaan garagaaramee kitaabni barataa kutaa 12 hanqina irra deddeebii qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani erga hubatee itti dabalee amansiisaa gochuuf deebii afgaaffii barsiisotaan wal qabsiisee akka armaan gadiitti ibsee jira. Innis, ulaagaa madaallii kitaabaan yoo ilaalame haalli irra deddeebii qabiyyee caas luugaa kan wal hinginne ta'uu isaati. Qabiyyeen hundi kaayyoo kitaabaa galmaan ga'uuf dhiyaatu. Bu'uuruma kanaan, kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee kanaa gadiitiin qophaa'uu qaba. Kitaabichi kaayyoo barnootichaa kan of keessatti hammate ta'uu qaba, Kitaabichi jiruufi jireenya barattootaa ilaalcha keessa kan galchu ta'uu qaba, Gilgaalaafi dalagaaleen adda addaa qabiyyee boqonnichaan walsimee dhiyaachuu qaba, Kitaabichi kan hamilee barattootaa ijaaru ta'uu qaba, Kitaabni barataa hawwataa ta'uufi dogoggora maxxansaa irraa bilisa ta'uufi Umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa giddugaleessa godhachuu qaba. Egaa Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa bara 2005 qophaa'e kun dogoggora maxxansaa jechuun Kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa hanqina walsimannaa qabiyyee Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani waan qabuuf xiyyeeffannoon itti kennamuun irra deebi'amee ilaalamuu qaba.

5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Gaaffiiwwan bu’uuraa qorataan kun boqonnaa tokkoffaa keessatti eeruudhaan qorannoo kana gaggeessuuf kaayyeffateefi dhumarratti argannoo argame irratti hundaa'uun yaadi cuunfaa, argannoofi yaadni furmaataa akka armaan gadiitti kennameera.

5.1. CUUNFAA

Akkuma Boqqonnaa tokko irratti ibsame, mata dureen qorannoo kanaa haala dhiyeessa Caasaalee dhaamsagaa-himaatti barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa bara 2005 qophaa'e irratti xiyyeeffata. Ka'umsi qorannichaas, muuxannoo qorataan haala dhiyeessa xiinqooqaa barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti barsiifamaa jiran irratti qabudha. Qorataanis, yeroo Afaan Oromoo barachaa ture hanqina haala dhiyeesa xinqooqa barnoota Afaan Oromoo irratti gaaffiilee kaasaa ture, yeroo afaanicha barsiisaa jiru kanattis deebii argachuu dhabuu isaaniiti.

Kaayyoon qorannichaas, Haala Dhiyeessa Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Kitaaba Kitaaba Kutaa 11ffaafi 112ffaa Keessatti dhiyaate sakatta'uun ibsuudha. Haalli dhiyeessa xinqooqa barnoota Afaan Oromoo kitaabilee barattootaa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessa jiru akkamitti akka dhiyaate adda baasuufi haalli dhiyeessa xiinqooqaa barnoota Afaan Oromoo KB, dandeettii barattootaa waliin wal madaaluu isaa adda baasuun, Ciminaafi hanqina haala dhiyeessa qabiyyee xiinqooqaa kitaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessa jiru adda kan baasuudha.

Adeemsi qorannichaa, mala qorannoo akkamtaan kan dhiyaate yoo ta'u, sababni isaa, warreen ragaa kennaan wajjin kallattiin wal arguun ragaa sassabachuuf mijataa waan ta'eefi. Ragaaleen sakatta'a harshammeefi af-gaaffiin funaanaman garee gareetti qoqoodamuun gabateen erga kaa'amanii jechaan ibsamaniiru. Caasaalee Dhaamsagaa –Himaatti Jirani Afaan Oromoo Kitaaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti argaman sakatta'uun ibsuuf yoo ta'u, maddi ragaa 1ffaa Kitaaba barataa, Qajeelcha barsiisaa kutaalee 11ffaafi 12ffaafi Silabasii barnootaati. Akka madda ragaa lammaffaatti afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaateera. Qorannoo kana keessatti qorataan odeeffataa 1ffaa ta'ee, sakatta'insa kitaabilee gadifageenyaan geggeesseera.

yoo ta'u, Ragaan qaacceffame kan nama agarsiisu haalli dhiyeessa xiinqooqaa barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaafi 12ffaa cimaarraa gara salphaatti kan dhiyaatte ta’uu isaati. Dhumarratti argannoo qorannicharraa argamerratti hundaa’uun yaadoleen furmaataa kennamaniiru.

5.2.Argannoowwan Qorannichaa

Qorannichaa Argannoowwan qorannoo kanaan argaman akka armaan gadii kanatti bifa himaatiin dhiyaataniiru.

1. Haala dhiyeessa Caasaalee dhaamsagaa-himaatti barnoota Afaan Oromoo Kitaaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti gabbisoo yookaan salphaa irraa gara cimaatti kan hin dhiyaatiin ta'uu qorannoo kanaan bira ga'ameera.
2. Haallii dhiyaannaa qabiyyee Caasaalee dhaamsagaa-himaatti irra deddeebii wal madaale akka hin qabne hubatameera.
3. Qabiyyeen Caasaalee dhaamsagaa-himaatti Kitaaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti dhiyaatee jiru qindoomina kan hin qabne ta'uu hubatameera.
4. Shaakala gilgaalaa bakka uumama sagalee dubbifamaafi sagalee dubbachiiftuu deggeree dhiyeessuun kitaaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa akka ciminaatti ilaalameera.

5.3. Yaboo

Yaboon kun qorannoo mata duree Haala dhiyeessa Caasaalee dhaamsagaa-himaatti barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti jedhu irratti taasifame kun xiinxalaafi argannowwan gudunfa qorannicha keessatti ibsame irratti hundaa’uun haala kanatti aanee jiruun dhiyaateera.

1. Kitaaba barataa kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti qabiyyeen Caasaalee dhaamsagaa-himaatti boqonnaa irraa boqonnaatti haala duraa duubaan wal hidhatinsa qabuun salphaarraa gara cimaattiifi cimaarraa gara salphaatti osoo walkeessa qopheessee qopheessuu gaarii ta'a.
2. Irra deddeebiin qabiyyee barnootaa kutaadhaa kutaattis ta’e boqonnaadhaa boqonnaatti barbaachisaa ta’uun isaa kan wal nama gaafachiisu miti. Kun immoo barattootni waan duraan baratan tokko yaadatanii fedhiin isaanii dabalee dandeettii isaanii akka gabbifataniif gahee ol aanaa qaba. Kanaafuu kitaaba barataa Afaan Oromoo

kutaalee 11ffaafi 12ffaa keessatti boqonnaadhaa gara boqonnaatti irra deddeebbiin qabiyyee Caasaalee dhaamsagaa-himaatti jiraachuun guddina afaanichaaf gaariidha.

3. Qopheessitootni Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11ffaafi 12ffaa gara fuulduraatti yemmuu qopheessan qindoominni qabiyyee akka jiraatuuf ulaagaalee kitaaba qopheessuu: tartiiba, walitti fufiinsa, mijaa'ina, giddu galeessummaa, sirrummaa iratti xiyyeeffannoo barbaachisu gochuutu irraa eegama.
4. Faayidaa Caasaalee dhaamsagaa-himaatti Afaan Oromoo caasaa afaanichaa karaa saayinsaawaa ta'een guddisuu keessatti qabu murteessaa waan ta'eef qopheessitoonni sirna barnootaa qabiyyeewwan Caasaalee dhaamsagaa-himaatti adda baasanii kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun gaariidha. Kanneen Kitaaba barataa, Qajeelcha barsiisaafi Silabasii barnootaa qopheessan haala dhiyeessa qabiyyee Caasaalee dhaamsagaa-himaatti barnootaa Afaan Oromoo haala dhiyeessa adda addaan qopheessuutu irraa eegama. Kitaaba barataa keessatti qabiyyee of danda'e ta'ee osoo dhiyaatee gaariidha.

WABIILEE

Abdulsamad Muhammad.1994.*Seerluga Afaan Oromoo*.Caffee Oromiyaa:Finfinnee

Addunyaa. 2010. *Natoo:Yaadarmee Caasluga Afaan Oromoo*.Finfinnee, Oromiyaa: Mega Printing Press.

_____.2011. .*Akkamtaa*. Finfiinnee, Oromiyaa: Maxxansa 3ffaa.

_____.2018. Natoo: *Yaadarmee Caasluga Afaan Oromoo*.Finfinnee, Oromiyaa: Mega Printing Press: Maxxansa 6ffaa.

Allen, J. P. and Corder, S. P. 1975. *The Edinburgh Courses in Applied Linguistics* Vo1.2. London: Oxford University Press.

Anderson, S.R. 1992. *Amorphous Morphology*. Cambridge: Cambridge University Press.

Asafaa. 2009. *Eela: Seenaa Ogumaa Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: far East Trading plc.

Aitchion. (1999). *Linguistics*.5th ed. Teach Your Self Books. Macmilan Education LTD

Atkins J. etal. 1995. *Skill Development Methodology* (Part-I). Addis Ababa: Addi Ababa printing Press.

Brown,et.al,1989.*Curriculum And Instraction:An Intriduction In To Methed of Teaching.*London:Macmillan Company.

Brumfit C.J.fi R.A. Carter. 1996. *Literature in Language Teaching*. London: Oxford University Press.

Byrd. 2001. *Textbooks: Evaluation and selection and analysis for implementation*. *In Celce-*

Catford, J.C. 1988. *A Practical Introduction to Phonetics Oxford*: Oxford University Press.

Chomsky, N. 1986. *Knowledge of Language.Its Nature, Origin and use***:** Cambridge. The MIT Press

Cook, G. 1998. *Linguistics and language teaching*", in Keith Johnson and Helen John

(eds), *The Encyclopedic Dictionary of Applied Linguistic*s, Oxford: Blackwell, pp. 198–207.

Cook, G. 2003. *Applied Linguistics*. Oxford: Oxford University Press.

Cook, G. and Seidlhofer, B. (eds) 1995. *Principle and Practice in Applied Linguistics.* Oxford: Oxford University Press.

Corder. 1983. *Introducing applied linguistics,* London: pen juin books.

Creswell, J.W. 2003. *Research Design: Qualitative, quantitative and Mixed Approaches* Thousands Oaks, CA: sage.

Crystal, D. 1987. *The Cambridge: Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Cunningsworth. 1995. *Evaluating and selecting EFL teaching materials*. London: Heinemann Educational Books.

Filee Jaallataa. 2015. *Seerluga Oromoo.* Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.

Finch,G. 2005. *Key Concepts in Language and Linguistic*s.(2nd ed.). Houndsmils Basingstoke, Hampshire. New York: Palgrave McMillan.

Fromkin, V. 2003.*An Introduction to language.7th.(edt).*United State:HaineandThomson

Hamid Muudee, 1995. *Hamid Muude's Oromo Dictionary*. Vol. 1, Atlanta: Sagalee Oromoo publishing inc.

Harmer, J. 1987. *Teaching and Learning Grammar*. UK: Longman York press.

Haspelmath, M. 2002. Understanding Morphology.2nd(edt.), Hodder Arnold.

Jorge Bishop .1995.*Curriculum Development*. Hong kong, Macmilan Education LTD

Lyons, J. 1981. *Language and Linguistics*. Cambirdge: Cambridge university pres

Matthews, P. H. 1991. *Morphology. 2nd (edit).* Cambridge: Cambridge University Pres.

Mc Carthy,Michael.2001.*Issues In Applied Linguistics*. Cambridge: Cambridge University Press.

Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomee Egeree. 1992. *Xinjecha: Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa 2 ffaa* . Barnoota Fagoo Dhaabbata Mala Qunnamtii, Ministera barnootaa

Nunan, D. 1989. Designing Task for the Communicative Classroom. Cambridge: Cambridge University Press

O‟Grady, W. and Dobrovolsky, M.1996. *Contemporary Linguistics Analysis. An introduction.* (3rd ed.). Toronto: Capp Clark LTD.

Radfore, A. Atkinson, M: Britain, D. clahsen H. and Spencer, A.1999. *Lingustics: introduction.* Camnbridge: Cambirdge university Press.

Richards, J.C. 2001. Curricuium Development In Language Teaching. Cambridge: Cambridge University Press

Richards, J.C.and W.A. Renandya. 2002.*Methodology In Language Teaching* Cambridge:Cambidge University Press

Robert E. Owens, Jr. 1988. Language Development: An Introduction 2 nd ed. New York: Unite state of America.

Saeedeh. 2012.*An Evaluation of a Global ELT Textbook in Iran: A Two-phase*

Sharma,K.and Tuteja,T.2005.*Teaching of language and Linguistics* .Delih:Ajay Verma.

Skierso. 1991. *Textbook selection and evaluation.In Celce-Murcia, M. (Ed.) Teaching English as a second or foreign language*. Boston: Heinle &Heinle.

Slobin, B. (1978). Cognitive Prerequisites for the Dev‟t of Grammar. New York: Wiley.

Stern.H.H.(1992).Issues and Opitions in Language Teaching.Oxford:Oxford Unversity Press.

Swan,M.(1994).”*Design Criteria For Pedagogic Language Rules*.” In Bygate,M.,Tonkyon,A.and Wiliams,E.(eds):Grammar and Language Teacher.Cambridge:Cambridge University Press.

Temesgeen. 1992. *Qubee Afaan Oromoo*. Wiirtuu Barruulee Waaltina Afaan Oromoo

Tamene Bitama. 2000.A Dictionary of Oromo Teachical Terms,Oromo English. Berlin

Ruudiger Kopp Verlage Kolin keessatti: Finfinnee: mana maxxansaa daldalaa jildii 5ffaa fuula 36-51l.

Wuddu & Teferraa. 2006. *Approach& Procedure for Teaching Grammar*.

Yule, George. 2006. *The Study of Language: An Introduction*. Cambridge: Cambridge University Press.

DABALLEE A

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA

DAARIKTOOREETA SAGANTAA BARNOOTA DIGIRII DURAAN

BOODAA

AFGAAFFII BARSIISOTAAF DHIYAATE

Barsiisa (barsiistu), qorannoon kun, “Haala Dhiyeessa Xiinqooqaa Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 11fi kutaa 12: irratti kan gaggeeffamu yemmuu ta'u, deebiin ati dhugaadha jettee kennituufi yaadni ati ibsitu amanamummaa ykn dhugummaa qorannoo kanaaf bakka guddaa qaba. Deebii kee hundaaf baay’een si galateeffadha. Saala A. Dhiira B. dhalaa Umurii A. 20-25 B. 26-30 C. 31-35 D. 36-40 E. 41fi isaa ol

1. Xinqooqni Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11fi kutaa 12 keessatti akkamitti dhiyaate?

   _____
   _____
   _____

2. Qabiyyeen Xiinqooqaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11fi kutaa 12 keessatti dhiyaate dandeettii barattootaan walsimaa?

A, Eyyee B, Lakkii

Sababa kee ibsi:

_____

_____

3. Ciminniifi hanqinni haala dhiyeessa qabiyyee xiinqooqaa kitaba barataa kutaa 11fi 12 maal fakkaata?

_____
_____

4. Hanqinoonni gama haala dhiyeessa qabiyyee xiinqooqaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo osoo xiinxalamanii eeramuu baatanii rakkoon dhufu maal ta’a jettee yaadda?

_____
_____

5. Haalli dhiyeessa xiinqooqa barnoota afaan oromoo kitaaba barataa kutaa 11fi 12 fedhii barattootaa ni kakaasaa?

DABALLEE B

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA

DAARIKTOOREETA SAGANTAA BARNOOTA DIGIRII DURAAN BOODAA

QABXIILEE KITAABA BARNOOTAA MADAALUU.

Qabxiileen madallii kun qabxiilee madaallii Byrd's (2001)fi Skierso's (1991) fayyadamuun kan qophaa'udha. Haaluma kanaan, Baay'ee gaarii=1 Gaarii=2 Quubsaa=3 Gad aanaa=4 Baay'ee gad aanaa=5 Giddu galeessa=6 Hojiirra ooluu hindanda'u=7

Kitaaba barnootaa	1	2	3	4	5	6	7
A.Qabiyyee a.Waa'een gosa barnootichaa mata dureetiin ykn tajaajilaan akkaataa seera qabeessa ta'een qindaa'ee ibsameeraa? b.Qabiyyeen barnootichaa aadaa barnootichaa akka barataniif nitajaajilaa? c.Filannoon dubbisa isaa afaan qabatamaadhaan diyaateeraa? d.Afeen filatame gooroowwan ogbarruu adda addaa bakka bu'uu kan danda'uufi caasaa himoota adda addaa kan qabatanidhaa?							
B.Sagalee dubbiifi Dhaamsaga a.Hubannoon sagalee dubbiifi dhaamsagaa haala hubatamuun salphaarraa gara cimaatti ibsameeraa? b.Dhaamsagni dhiyaatan dandeettii barataan wal madaaluu?							
C.Hiika Jechootaafi Seerluga a.Seerlugni haala baratamaatiifi tartiiba ciminni dabalaa deemuun ibsameeraa? b.Hiikni jechootaa haaraan kallattii garaagaraatiin ibsameeraa? c.Hiikni jechootaa haaraan haala qixa ta'een ibsameeraa?Kanaafis, kitaabichi kan hubatamuufi barattootni hiika jechootaa haaraa sanaa ni qabaatuu? d.Hiikni jechootaa haaraan tartiiba gilgaalaan hiikaafi faayidaa isaa jajjabeessuuf irra deddeebi'ameeraa?							
D.Gilgaalotaafi Shaakalawwan a.Barattoonni dhaamsaga akka shaakalaniif shaakaloonni hirmaachisoon jiruu? Barattootni hiika jechootaa haaraa ittiin waliigaluuf kan isaan barbaachisu shaakalawwan hirmaachisoo ta'an jiruu? b.Ajajootni kitaaba barnootichaa keessaa hiika jechootaa xiinxalaan akka dubbisan barattootatti ni himuu? c.Shaakalawwan barattootaaf fayyadama seerlugaa haala seerri kun barbaachisu uumuun haala nimijeessuu?							

E.**Hawwatamummaa kitaabichaafi qaama isaa** i.Qolli kitaabichaa hiika (ergaa)qabaa? ii.Suurri mul'atu qulqullina ol aanaa qabaa? iii.Barattootni dubbisuuf kitaabichi hawwataadhaa?							

DABALEE C

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA

DAARIKTOOREETA SAGANTAA BARNOOTA DIGIRII DURAAN BOODAA

Odeeffannoo Waliigalaaf Barsiisota Afgaaffiin dhiyaateef

T/L	Maqaa	Koodii	Saala	Umurii	Bara tajaajilaa	M/B	Gu.afg aaffiin taasifa
1	Tafarii Jimaa	TJ	Dhi	38	13	Qophaayinaa	3/10/2011
2	Jammaraa Tasgaraa	JT	Dhi	37	11	Qophaa'ina	4/10/2011
3	Caaltuu Yisaaq	CY	Dur	40	16	Qophaa'ina	5/10/2011